

Waggaa 18^{ffaa} Lakk 151 /2005
 18ኛ አመት ቁጥር151/2005
 18th year 151/2012



Finfinnee Sadaasa,28/2005
 ፊንፊኔ ህዳር 28/2005
 Finfiñe December 7/2012

MAGALATA OROMIYAA

መ ገ ለ ተ ኦ ሮ ሚ ያ

MEGELETA OROMIA

Gatii Tokkoo _____ ያንዱ ዋጋ _____ Unit Price _____	To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin kan Bahe በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት በጨፌ ኦሮሚያ ጠባቂነት የወጣ	Lakk S. Poostaa _____ ፖ.ሣ.ቁጥር _____ P.O.Box _____
--	---	---

Qabeentaa Dambii Lakk.151 /2005 Dambii Bulchiinsaa fi Ittifayyadama Lafa Baadiyaa Naannoo Oromiyaa	ማውጫ ደንብ ቁጥር 151/2005 የኦሮሚያ ክልል የገጠር መሬት አስተዳደርና አጠቃቀም ደንብ	CONTENT Regulation No.151/2012 Oromiya Region Rural Land Administration and Use Regulation
--	--	--

Labsii bulchiinsaa fi ittifayyadama lafa baadiyyaa Naannoo Oromiyaa lakk.130/1999 raawwachiisuuf dambii baasuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;
 Ittifayyadama lafa Baadiyyaa haala guddina misooma dinagdee fi hawaasummaa tiin akka walsimu gochuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;
 Mirgaa fi dirqama ittifayyadama fi bulchiinsa lafa baadiyyaa karaa iftoominaa fi ittigaafatamuummaa qabuun hojii irra oolchuun barbaachisaa ta'ee waan argameef
 Akkaataa labsii lakk. 130/1999 keewwata 29 tiin dambiin kanatti aanu bahee jira.

Kutaa Tokko
Tumaalee Waliigalaa
 1. Mata Duree Gabaabaa
 Dambiin kun “Dambii Bulchiinsaa fi Ittifayadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.151/2005” jedhamee waamamuu ni danda'a.

የኦሮሚያ ክልል የገጠር መሬት አስተዳደርና አጠቃቀም አዋጅ ቁጥር 130/1999 ለማስፈጸም ደንብ ማውጣት አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤ የገጠር መሬት አጠቃቀም ከኢኮኖሚያዊና ማህበራዊ ልማት ዕድገት ጋር እንዲጣጣም ማድረግ አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤ የገጠር መሬት አስተዳደርና አጠቃቀም መብቶችና ግዴታዎችን ግልጽነትና ተጠያቂነት ባለው መንገድ ሥራ ላይ ማዋል አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ” በአዋጅ ቁጥር 130/1999 አንቀጽ 29 መሠረት የሚከተለው ደንብ ወጥቷል፡፡

ክፍል አንድ
ጠቅላላ ድንጋጌች
 1. አጭር ርዕስ
 ይህ ደንብ «የኦሮሚያ ክልል

Whereas, it has become necessary to issue regulation for implimantaion of Oromia Region Rural Land Administration and Use proclamation No. 130/2007; Where as, it has become necessary to adjust the use rural land with of economic and social development;
 Whereas, it has become necessary to impliment the rights and obligations of rural land administration and use in transparente and responsible manner ;
 Now, therefore, in accordance with article 29 of the proclamation No.130/2007 this regulation is issued.

PART ONE
GENERAL PROVISIONS
 1) Short Title
 This Regulation may be cited as”Oromia Region Rural Land

2. Hiika

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisisuuf yoo ta'e malee dambii kana keessatti:

1. "Abbaa qabiyyee Lafaa" jechuun nama dhuunfaa yookiin garee, yookiin hawaasa yookiin qaama mootummaa yookiin dhaabbilee hawaasaa yookiin qaama seerummaa qabu kan biraa lafa baadiyyaa irratti mirga itti fayyadamaa kan qabu jechuudha.
2. "Biiroo" jechuun Biiroo Lafa Baadiyaa fi Eegumsa Naannoo Oromiyaa fi caasaalee isaa jechuudha.
3. "Ejinna" jechuun safartuu sadarkaa ciisa yookiin hirkata lafaa agarsiisu jechuudha.
4. "Faayidaa ummataa" jechuun karaa kallatii fi alklatitin ummanni lafa irratti itti fayyadamummaa qaban mirkaneessuu fi misooma dinagdee fi hawaasummaa haala ittifufiinsa qabuun raawwachuuf qaama aangoo qabuun faayidaa ummataa jedhamee kan murtaa'uudha.
5. "Jallisii Aadaa" jechuun muuxannoo fi beekumsa qabaniin bishaan lagaa, burqaa, bishaan lafa jalaa fi kan kana fakkaatan fayyadamuudhaan lafa misooma qonnaatiif oolchuu jechuudha.
6. "Jallisii hammayyaa" jechuun bu'aa hawaasaa fi diinagadee qorachuudhaan

የገጠር መሬት አስተዳደርና አጠቃቀም ደንብ ቁጥር 151 /2005" ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል።

2. ትርጓሜ

የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያሰጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ ደንብ ውስጥ

1. "የመሬት ባለይዘታ" ማለት በገጠር መሬት ላይ የመጠቀም መብት ያለው ግለሰብ ወይም ቡድን ወይም ህብረተሰብ ወይም የመንግሥት አካል ወይም ማህበራዊ ድርጅቶች ወይም ሕጋዊ ዕውቅናና የመጠቀም መብት ያለው ሌላ አካል ማለት ነው።

2. "ቢሮ" ማለት የኦሮሚያ የገጠር መሬትና የአካባቢ ጥበቃ ቢሮ እና በየደረጃው ያሉ የቢሮው መዋቅሮች ማለት ነው።

3. "ተዳፋት" ማለት የመሬት የግድመት ወይም ተዳፋት ደረጃ የሚያሳይ ማለት ነው።

4. "የሕዝብ ጥቅም" ማለት ሕብረተሰቡን በቀጥታም ሆነ በተዘዋዋሪ መንገድ ሊጠቅም የሚችልና ለሕብረተሰቡ ኢኮኖሚያዊና ማህበራዊ ጠቀሜታ አለው ተብሎ ስልጣን ባለው አካል የሚወሰን ማለት ነው።

5. "ባህላዊ መስኖ" ማለት ያለውን ልምድና ዕውቀት በመጠቀም የወንዝ ውሃን ፣ ምንጭንን የጉድጓድ ውሃና የመሳሰሉትን ለግብርና ልማት ማዋል ማለት ነው።

6. "ዘመናዊ መስኖ" ማለት ኢኮኖሚያዊና ማህበራዊ ጠቀሜታ ላይ ጥናት በማድረግ የወንዝን የሀይቅን

Administration and Use Regulation No.151/2012".

2) Definition.

Unless the context requires, otherwise in this regulation:

1) "Land holder" means an individual person or group or soceiity or government organ or social organizations or any other organ that has legal personality that have right to use over the rural land.

2) "Bureau" means the Oromia Rural Land and Environmental Protection Bureau and its stractures.

3) "Slope" means level of slanting or inclination of land.

4) "Public interest" means to insuer direct or indirect public benefit benefit on the land and to perform sustainable socio - economic development decided as public interest by an authorized organ.

5) "Traditional Irrigation" means use land for agricultural development through utilizing river water, spring, under graund water and etc by their traditional experience and knowledge.

6) "Modern irrigation" means use land for agricultural development with enproved technology through utilizing river warer, lake, under ground water and etc by studing its socio-economic result.

bishaan lagaa, haroo, yookiin bishaan lafa jalaa fi kan kana fakkaatan teeknooloojii foyya ‘aa ta’e fayyadamuudhaan lafa misooma qonnaatiif oolchuu jechuudha.

7. “Jiraataa” jechuun nama Ganda keessatti galmaa’ee faayidaa dinagdee fi hawaasummaa argatuu fi hirmaatu jechuudha.

8.”Kaadastara” jechuun ragaa waa’ee qabeenya lafaa, daangaa, misooma bu’uuraa adda addaa lafa irratti argamu ilaalchisee ragaa walitti qabuu, galmeessuu fi qopheessuu jechuudha

9. “Koree” jechuun qaama hojii bulchiinsaa fi ittifayyadama lafa baadiyyaa sadarkaa gandaatti akka raawwatuuf dambii kanaan hundeeffame jechuudha.

10.”Labsii” jechuun labsii Bulchinsaa fi ittifayyadama lafa baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 130 /1999 jechuudha.

11.“Lafa bowwaa” jechuun lafa bishaaniin yookiin sababa biraatiin miidhamee eegumsaa fi kunuunsa barbaadu jechuudha.

12. ”Lafa haftee Bosonaa“ jechuun lafa baadiyyaa bosonni uumamaa irraa manca’ee hafe yookiin lafa cittuuwwan bosonni uumamaa irratti argamu jechuudha.

13.“Lafa Kireessuu” jechuun abbaan qabiyyee lafa baadiyyaa yeroo murtaa’eef qabiyyee lafa baadiyyaa

ወይም የከርሰ ምድር ውሀኃ እና የመሳሰሉትን በተሻሻሉ ቴክኖሎጂዎች በመጠቀም መሬትን ለእርሻ ልማት ማዋል ማለት ነው።

7.“ገዋሪ” ማለት በቀበሌ ተመዝግቦ የሚገኝና በቀበሌው ኢኮኖሚያዊና ማህበራዊ እንቅስቃሴ ውስጥ ተጠቃሚና ተሳታፊ የሆነ ሰው ማለት ነው።

8. “ካዳስተር” ማለት የመሬት ሀብትን ድንበርንና በመሬት ላይ የሚገኙትን የተለያዩ መሠረተ ልማቶች በተመለከተ መረጃ መሰብሰብ፣ መመዝገብና ማዘጋጀት ማለት ነው።

9.“ኮሚቴ” ማለት የመሬት አስተዳደርና አጠቃቀም ለማስፈጸም በዚህ ደምብ በቀበሌ ደረጃ የተመሠረተ አካል ማለት ነው።

10.“አዋጅ” ማለት የኦሮሚያ ክልል የገጠር መሬት አስተዳደርና አጠቃቀም አዋጅ ቁጥር 130/1999 ማለት ነው።

11.“የተሸረሸረ መሬት” ማለት በውሃ ወይም በሌላ ምክንያት የተጎዳ እና ጥበቃ እና እንክብኝቤ የሚፈልግ መሬት ማለት ነው።

12.“የደን ቅሪት መሬት” ማለት በገጠር መሬት ላይ የሚገኝ ተመንጥሮ የቀረ የተፈጥሮ ደን ወይም ተሸርሽሮ በተቆራረጠ መሬት ላይ የሚገኝ የተፈጥሮ ደን ማለት ነው።

13. “መሬት ማከራየት” ማለት የገጠር መሬት ባለይዘታው የገጠር መሬት ይዘታውን

7)“Resident” means a person registered in kebele and gets socio-economic benefits as well as participates in it.

8) “Cadastre” means collect register and organize information regarding land resource, boulder and different infrastructure found on the land.

9)“Committee” means an organ established by this regulation at kebele level to execute rural land administration and use.

10)“Proclamation” means to Oromia Region Rural Land Administration and Use Proclamation No. 130/2007.

11)“Degraded land” means land destructed by erosion or by another reason and needs conservation and protection.

12)“Forest remnants” means any rural land with forest leftovers after deforestation, or land with remnant patches of natural forests.

13) “Land renting” mean shire out of rights on rural land

kaffalitiidhaan nama biraatiif waliigaltee barreeffamaatiin akka ittifayyadamu dabarsuu jechuudha.

14. "Lafa manaa" jechuun baadiyyaa keessatti lafa iddoo mana jireenyaa yookiin ijaarsa manneen adda addaa kan akka mana kuusaa, mana baabura midhaan daakuu fi kan kana fakkaatan qabamee jiruu fi akkuma barbaachisummaa isaatti lafa naannoo manichaa jechuudha.

15. "Lubbu qabeeyyii" jechuun lafa irraa fi lafa keessa akkasumas bishaan keessa kan jiraatan kan lubbuu qaban kamiyyuu jechuudha.

16. "Qawwisa" jechuun lafa safaruu, ragaa walitti qabuu fi galmeessuu jechuudha.

17. "Waajjira" jechuun Waajjira Lafa Baadiyyaa fi Eegumsa Naannoo Aanaa jechuudha.

18. "Waraqaa ragaa sadarkaa 1^{ffaa}" jechuun lafa baadiyyaa haala aadaatiin galmaa'ee safaruudhaan wabii mirga ittifayyadamaa mirkaneessuuf ragaa kennamuudha.

19. "Waraqaa ragaa sadarkaa 2^{ffaa}" jechuun lafa baadiyyaa haala hammayyaatiin qawwisuun wabii mirga ittifayyadamaa mirkaneessuuf kaartaa kennamuudha

20. "Nama" jechuun nama uumamaan yookiin seeraan qaama namummaa argate jechuudha

ለተወሰነ ጊዜ በፅሁፍ ውል ለሌላ ሰው በክፍያ መሬቱን እንዲጠቀምበት ማስተላለፍ ማለት ነው።

14. "የቤት መሬት" ማለት በገጠር ውስጥ የመኖሪያ ቤት ቦታ ወይም እንደ መጋዘን የእህል ወፍጮ ቤት እና ለመሳሰሉት የተለያዩ የቤት ግንባታዎች የተያዘ መሬት እና እንደ አስፈላጊነቱ በቤቱ ዙሪያ ያለ መሬት ማለት ነው።

15. "ብዝሀ ሕይወት" ማለት ማንኛውም በመሬት ላይ እና በመሬት ውስጥ እንዲሁም በውኃ ውስጥ የሚኖሩ ሕይወት ያላቸው ነገሮች ማለት ነው።

16. "ቅየሳ" ማለት መሬት መለካት መረጃ መሰብሰብ እና መመዘገብ ማለት ነው።

17. "ጽሕፈት ቤት" ማለት የወረዳ የገጠር የመሬትና የአካባቢ ጥበቃ ጽሕፈት ቤት ማለት ነው።

18. "1ኛ ደረጃ የምስክር ወረቀት" ማለት በልዩ ሁኔታ የተመዘገበ የገጠር መሬት በመለካት የመጠቀም ዋስትና ለማረጋገጥ የሚሰጥ መስረጃ ማለት ነው።

19. "2ኛ ደረጃ የምስክር ወረቀት" ማለት የገጠር መሬትን በዘመናዊ አሠራር በመቀየስ የመጠቀም ዋስትና ለማረጋገጥ የሚሰጥ ካርታ ነው።

20. "ሰው" ማለት የተፈጥሮ ወይም በሕግ የሰውነት መብት የተሰጠው አካል ነው።

with consideration by land holder for a limited period of time in written contract.

14) "Premises" means, land occupied for residential houses or for different house buildings such as warehouses, mills, etc, and other surrounding lands as found necessary.

15) "Bio-diversity" means to any living organism inhabiting in in-situ and ex-situ including aquatic nature.

16) "Survey" means measure land, collect and register data.

17) "Office" means Woreda Rural Land and Environmental Protection Office.

18) "1st level Certificate" means measure rural land which has been registered in especial way and gives certificate to grantee the right to use the land.

19) "2nd level Certificate" means Surveying rural land in a modern way to give certificate to guarantee the right to use land.

20) "Person" means physical or judicial person.

Kutaa lama

Haala Argannaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa

3. Lafa Baadiyyaa Argachuuf Haalawwan Barbaachisan

1. Namni kana dura qaama Mootummaa dhimmi ilaalu irraa lafa baadiyyaa argate yookiin maatii irraa dhaalmaadhaan yookiin kennaadhaan dabreef akkuma eegametti ta'ee, ganda baadiyyaa jiraatu keessatti namni qonnaaf yookiin, horsiisee buluuf yookiin tajaajila biroo investmentiin ala ta'e lafa baadiyyaa argachuu barbaadu iyyata Bulchiinsa Gandaatti dhiyeeffachuu qaba.
2. Namni lafa baadiyyaa argachuuf iyyata dhiyeeffatu jiraataa ganda lafichi keessatti argamu ta'uu isaa Bulchiinsa Gandichaatiin kan mirkanaa'e ta'uu qaba.
3. Keewwata kana keewwata xiqqaa (2) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, Ganda keessa jiraatan keessatti namoota lafa gaafataniif lafti kan hin jirre yoo ta'e dhuunfaadhaan yookiin gurmaa'anii Ganda, Aanaa yookiin Godina lafti itti argamu keessatti lafa argachuu ni danda'u.
4. Bulchiinsi gandaa namoota lafa argachuuf iyyata dhiyeeffatanii galmaa'aniif lafti jiraachuu isaa ragaa Waajjiraaf ni erga.
5. Ganda keessatti lafti namaan hin qabamnee fi

ክፍል ሁለት

የገጠር መሬት የማግኘትና

የመጠቀም ሁኔታ

3. የገጠር መሬት ለማግኘት

የሚያስፈልጉ ሁኔታች

1. ከዚህ በፊት ከሚመለከተው የመንግሥት አንል የገጠር መሬት ያገኘ ወይም ከቤተ ሰብ በውርስ ወይም በስጦታ መሬት የተላለፈለት ሰው ይዞታው እንደተጠበቀ ሆኖ በሚኖርበት የገጠር ቀበሌ ውስጥ በእርሻ ወይም በእንስሳት ዕርባታ ለመተዳደር ወይም ከኢንቬስትመንት ውጭ ላሉ ለሌሎች አገልግሎቶች መሬት ለማግኘት የሚፈልግ ሰው ለቀበሌ አስተዳደር ማመልከቻ ማቅረብ አለበት፤
2. የገጠር መሬት ለማግኘት ማመልከቻ የሚያቀርብ ሰው ጥያቄው የቀረበበት ቀበሌ ነዋሪ መሆኑ በቀበሌው አስተዳደር መረጋገጥ አለበት፤
3. በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 2 የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ መሬት የጠየቁ ሰዎች በሚኖሩበት ቀበሌ መሬት የማይገኝ ከሆነ በግል ወይም ተደራጅተው መሬት በሚገኝበት ቀበሌን ወረዳ ወይም ዞን መሬት ማግኘት ይችላሉ፤
4. የቀበሌ አስተዳደር ለተመዘገቡት ሰዎች መሬት መኖሩን መረጃ ለጽሕፈት ቤት ይገልጻል፤
5. በቀበሌ ውስጥ በሰዎች ያልተያዘና ለተለያዩ ልማት ሊውል የሚችል መሬት በጽሕፈት ቤት ተጠንቶ ይዘጋጃል፤

Part Two

Rural Land Acquisition and Use

3) Conditions Necessary to Acquire Rural Land

1. Without prejudice to the acquisition of rural land from competent authority or inheritance or by gift from legitimate land holder, any person who wants land for agricultural purposes or keeping livestock or for other purposes excluding investment shall submit application to the rural kebele administration where he reside in.
2. A person that apply for land acquisition shall be resident of that kebele and it shall approved by the Kebele Administration.
3. Without prejudice to sub article (2) of this article where land is not available in the kebele they reside, they may get individually or in group from other Kebele, Woreda or Zone where land is available.
4. The Kebele Administration shall send evidence to the office the availability of the land for the person that apply and registered for the acquisition of land.
5. The Office shall assess and prepare unoccupied lands which may be used for different development purpose in the kebele.

misooma adda addaatiif ooluu danda'u Waajjiraan qoratamee ni qophaa'a.

6. Waajjirii namoota gaaffii lafaa dhiyeessanii fi lafa qoratamee qophaa'e Mana Maree Bulchiinsa Aanaatiif dhiyeessee yoo hayyamame waraqaa ragaa waliin lafa ni kenna.

7. Jiraataan umuriin isaa waggaa 18 fi isaa olta'e ganda keessatti lafa baadiyyaa hin qabne kamiyyuu iddoo mana jireenyaa argachuuf dursa ni qabaata. Dursii kennamuuf akkaataa walduraa duuba gaaffii iyyannoo dhiyee-fataniin ta'a. Bal'inni iddoo lafa mana jireenyaatiif kennamuu kaare meetra 500 caaluu hin qabu.

8. Dhaabbileen Mootummaa, Miti-Mootummaafikan biroo gaaffii lafa investmentiin ala ta'e waajjiraaf dhiyeessuu ni danda'u.

9. Waajjirii gaaffii dhiyaate irratti hundaa'ee lafa qoratee qopheessuudhaan Mana Maree Bulchiinsa Aanaatiif dhiyeessee yoo hayyamame waraqaa ragaa waliin lafa ni kenna.

10. Mirga argannaa lafa baadiyyaa irratt dubartotaaf deeggarasa addaa kan godhamuuf ta'a. Raawwiin isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u taá.

11. Mirga argannaa lafa baadiyyaa irratti qaama miidhamtoonni garaagarummaan osoo irratti hin taasifamne akkaataa rakkoo isaanitiin ilaallamee Mana Maree Bulchiinsa Aanaatiin murtaa'e lafti kan kennamu ta'a. Raawwii isaa qajeelfamn bahuun kan

6. የመሬት ጥያቄ ያቀረቡትን ሰዎችና ተጠንቶ የተዘጋጀውን መሬት በጽሕፈት ቤት በኩል ለወረዳ አስተዳደር ምክር ቤት አቅርቦ ሲወስን ጽሕፈት ቤቱ ከይዞታ ማረጋገጫ ደብተር ጋር መሬቱን ይሰጣል።

7. ማንኛውም በቀበሌ ውስጥ የገጠር መሬት የሌለው ዕድሜው 18 አመት እና ከዚያ በላይ የሆነ ነዋሪ የመኖሪያ ቦታ ለማግኘት ቅድሚያ ይኖረዋል ቅድሚያው እንደያ ማመልከቻቸው ቅደመ ተከተል ይሆናል። የሚሰጠው የመኖሪያ ቤት ቦታ ስፋቱ ከ500 ካሬ ሜትር መብለጥ የለበትም።

8. መንግሥታዊ እና መንግሥታዊ ያልሆኑ እና ሌሎች ድርጅቶች ከኢንቨስትመንት መሬት ጥያቄ ውጭ የሚቀርቡ የመሬት ጥያቄዎችን ለጽሕፈት ቤቱ ማቅረብ ይችላሉ።

9. ጽሕፈት ቤቱ የቀረበውን የመሬት ጥያቄ መሠረት አድርጎ መሬት አጥንቶ አዘጋጅቶ ለወረዳው ምክር ቤት በማቅረብ ሲወስን ከይዞታ ማረጋገጫ ደብተር ጋር መሬቱን ይሰጣል።

10. የገጠር መሬት የማግኘት መብት ላይ ለሌሎች የተለየ ድጋፍ ይደረግላቸዋል። ፡ አፈ.ፃፀሙ.ሙ. በሚወጣ መመሪያ ይወሰናል።

11. የገጠር መሬት የማግኘት መብት ላይ አካል ጉዳተኞች ልዩነት ላይደረግላቸው እንደችግራቸው ሁኔታ ታይቶ በወረዳ ምክር ቤት ተወስኖ የሚሰጣቸው ይሆናል። ፡ አፈ.ጸጸሙ.ም በሚወጣ መመሪያ ይወሰናል።

6. The Office shall give the assessed and prepared land with land holding certificate for those who applied for land upon the approval of the Woreda administrative council

7. Any resident with the age of 18 years and above who doesn't have rural land in that kebele shall have priority to get premises for construction of residential house and the priority shall be based on thiere registration sequence. The area of such land shall not exceed 500 m2.

8. Governmental and non-governmental organizations and other organizations may submit request for land acusation exept land for investment to the Office.

9. Based on the request of the organization the Office shall assess and prepare land and submit to Woreda administrative cauncile as well as give land with holding certificate upon approval.

10. The women shall be given special support regarding the right to acquier rural land. Its execution shall bedecidedbydirectiveissued.

11. Disabilties shall be given rural land by Woreda administrative cauncile without discrimination regarding acqusation rights of land by taking in to account their problem. Its executin shall be decided by directive issued.

murtaa'u ta'a.

12. Lafti baadiyyaa dhaalaan yookiin kennaadhaan argamu kamiyyuu waajjiira biratti galmaa'uu qaba.

13. Namni mirgi ittifayyadama qabiyyee lafa baadiyyaa dhaalaan argachuuf dursa qabu galii qabiyyee lafa sana irraa argamuun kan bulan yookiin galii biraa kan hin qabne ta'uun isaa ragaa Mana Maree Bulchiinsa Gandaatiin mirkanaa'ee dhiyeeffachuu qaba.

14. Waajjirri ragaa Mana Maree Bulchiinsa Gandaatiin mirkanaa'ee dhiyaate qulqulleessee waraqaa ragaa qabiyyee lafaa qopheessee ni kenna.

15. Akkaataa labsii keewwata 7 keewwata xiqqaa (2) jalatti tumameen; Naannoo Oromiyaa keessatti lafti qubannaaf mijaawaa ta'e qoratame ni qophaa'a. Lafa roobaan misoomu bal'inna lafa abbaa warraa tokkoof kennamu heektaara tokkoo (1) hanga heektaara tokkoof fi walakkaa (1.5) caaluu hinqabu. Raawwii isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

4. Lafa Jallisii Qooduu

1. Akkaataa labsii keewwata 14 keewwata xiqqaa (1) jalatti tumameen lafa Mootummaan yookiin dhaabbilee gargaarsaatiin jallisii hammayyaatiif ijaaramee qonnaan bulaa, yookiin horsiisee bulaa, yookiin gamisa horsiisee bulaan qabame bal'inni qabiyyee lafaa abbaa warraa tokko heektaara walakkaa ol kan qabate yoo ta'e namoota ganda sanitti yookiin ganda daangessu keessatti

12. ማንኛውም በውርስ ወይም በስጦታ የሚተላለፍ የገጠር መሬት ይዞታ በጽራት ቤት መመዘገብ አለበት።

13. የገጠርን መሬት የመውረስ ቅድሚያ መብት የሚኖረው ሰው ከመሬት ይዞታው በሚገኝ ገቢ የሚተዳደር ወይም ሌላ ገቢ የሌለው መሆኑን በቀበሌ አስተዳደር ምክር ቤት የተረጋገጠ ማስረጃ ማቅረብ አለበት።

14. ጽራት ቤቱ በቀበሌ አስተዳደር ምክር ቤት ተረጋግጦ የቀረበውን ማስረጃ አጣርቶ የመሬት ይዞታ የምስክር ወረቀት አዘጋጅቶ ይሰጣል።

15. በአዋጅ አንቀጽ 7 ንዑስ አንቀጽ(2) ሥር በተደነገገው መሠረት ጥናት በማካሄድ በኦሮሚያ ውስጥ ለሠፈራ ተስማሚ የሆነ መሬት ተጠንቶ ይዘጋጃል። በዝናብ የሚለማ መሬት ለአንድ አባወራ ከአንድ ሄክታር ከግማሽ /1.5/ መብለጥ የለበት ምን፡፡ አ ፈ ጻ ጸ ሙ በሚወጣ መመሪያ ይወሰናል።

4. የመስኖ መሬት ክፍፍል

1) በአዋጅ አንቀጽ 14 ንዑስ አንቀጽ 1 ሥር በተደነገገው መሠረት በመንግሥት ወይም በዕርዳታ ድርጅቶች የተገነባ ዘመናዊ የመስኖ መሬት በአርዕ አደሮች ወይም በአርብቶ አደሮች ወይም ከፊል አርብቶ አደሮች የተያዘ ዘመናዊ የመስኖ መሬት የአንድ አባወራ ይዞታ ከግማሽ ሄክታር በላይ ከሆነና በዚያ

12. Any rural land acquired through inheritance or gift shall be registered by the Office.

13. Any person who has the right to get priority on inheritance right of rural land shall present evidence confirms that his livelihood depends upon that land and has no any other income from the kebele Administrative concle.

14. The Office shall examine and confirm the evidence given by the Kebele Administrative Concle and provide land holding certificate.

15. In accordance with article 7 (2) of the Proclamation suitable land for settlement shall be studied and prepared in the Region. The distribution for a household shall not exceed one and half hectare (1.5) for rain fed agriculture. The execution shall be decided by the directive issued.

4) Distribution of irrigation land

1. In accordance with article 14 (1), of the Proclamation modern irrigation schemes built by government or donor assistances and given for farmers or pastoralists or semi-pastoralists shall be redistributed for the landless farmers in that kebele or neighboring kebele if the holding exceeds half (0.5) hectares after confirmed by public and approved

argaman kan lafa jallisii hin qabneef umataan akka mirkanaa'u gochuun Mana Maree Bulchiinsa Aanaatiin murtaa'ee waajjiraan irra debi'amee ni qoodama. Miseensa maatii abbaa qabiyyee lafaa umuriin isaa waggaa 18 fi isaa ol ta'ee qonnaan jiraatuuf dursi ni kennama. Haalli raawwii isaa qajeelfamaan bahuun kan murtaa'u ta'a.

- 2. Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, lafa jallisii qabeenya dhaabbataa kan akka Buna, Maangoo, Paappayyaa, Burtukaana, Shankooraa ,Jimaa fi kan kana fakkaatan irratti misoomee jiru irra deebi'amee hin qoodamu.
- 3. Lafti qabiyyee Qonnaan Bulaa, Horsiisee Bulaa, yookiin gamisa Horsiisee Bulaa qoratamee jallisii hammayyaa yookiin aadaatiif akka oolu Mana Maree Bulchiinsa Aanaatiin murtaa'e irra deebi'amee ni qoodama. Namoota qabiyyee isaanii lafa jallisii projeektiin gaggeefamuuf gadi dhiisaniif akkaataa labsii keewwata 14 keewwata xiqqaa (4) (d fi e) jalatti tumameen kan raawwatamu ta'a, namoota qabiyyee isaanii jalliisii addaatiin gaggeefamuuf gadidhiisan heektaara tokko eega kennameen booda kan hafu qonnaan bultoota dhiyeenya sanatti argamaniif heektaara 0.25 gadi kan hin taane kan qoodamu ta'a. Haalli raawwii isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'uta'a

ቀበሌ ወይም በአዋሳኝ ቀበሌች የመስኖ መሬት ለሌላቸው ሰዎች በህዝብ እንዲረጋገጥ በማድረግ በወረዳው አስተዳደር ምክር ቤት ተወስኖ በጽሕፈት ቤት በኩል መሬቱ የሚከፋፈል ይሆናል። ዕድሜያቸው ከ18 እና ከዚያ በላይ ሆኖ በእርሻ ለሚተዳደር የባለይዘታው አባል ቅድሚያ ይሰጠዋል። አፈጻጸሙ በሚወጣ መመሪያ የሚወሰን ይሆናል።

- 2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ እንደ ቡናና ማንጉን ፓፓያን ብርቱንን ሸንኮራ አገዳ፣ ጫት እና የመሳሰሉት ቋሚ ተክል የለማበት የመስኖ መሬት አይከፋፈልም።
- 3) የአርሶ አደር ወይም አርብቶ አደር ወይም ከፊል አርብቶ አደር ይዘታ ተጠንቶ ለዘመናዊ ወይም ለባህላዊ መስኖ እንዲውል የወረዳ አስተዳደር ምክር ቤት ሲወስን የሚከፋፈል ይሆናል። ይዘታቸውን ለሚለቁ ሰዎች በአዋጁ አንቀጽ 14 ንዑስ አንቀጽ 4 /መ እና ሠ/ መሠረት የሚፈጸም ይሆናል። በባህላዊ መስኖ ይዘታቸውን የለቀቁ ሰዎች አንድ ሄክታር ከተሰጣቸው በኋላ ቀሪው በቅርብ ለሚገኙ አርሶ አደሮች ከ0.25 ሄክታር በታች ያልሆነ መሬት የሚከፋፈል ይሆናል። አፈጻጸሙ በሚወጣ መመሪያ ይወሰናል።

by the Woreda Administrative Councils and the land shall be distributed by the Office. Priority will be given for the household members 18 years and above old and their livelihood is based on agriculture. The execution shall be decided by the directive issued.

- 2. Without prejudice to sub article (1) of this article irrigation land developed with permanent properties like Coffee, mango, papaya, orange cane, etc, shall not be redistributed.
- 3. Holding of farmers or pastoralists or semi-pastoralists shall be redistributed after studied and decided for modern irrigation by Woreda Administrative Council. Provision under article 14 (4) (d and e) shall be apply for land holders fcompensation whose holding is expropriated for modern irrigation. For those whose holding is expropriated for traditional irrigation, the holding not less than 0.25 hectar shall be redistributed for the neighboring farmers after one and half hectar is given for the land holders. The execution shall be decided by the directive issued.

4. Keewwata kana keewwata xiqqaa (3) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee; laga, haroo, burqaa bishaan lafa jalaa fi kan kana fakkaatu fayyadamuudhaan Qonnaan Bulaa, Horsiisee Bulaa yookiin gamisa Horsiisee Bulaa lafa qabiyyee isaa irratti jallisii aadaa yookiin hammayyaa ofiisaatiin yookiin nama biraa waliin ta'uudhaan misoomse irra deebi'amee hin qoodamu.

5. Lafa waliinii Qonnaan Bulaa yookiin Horsiisee Bulaa yookiin gamisa Horsiisee Bulaa misooma jallistiif akka oolu ta'ee qoodame namoonni lafa jallisii argatan mirgi lafa dheedichaa waliinii ittifayyadamuu kan eegyamu ta'a.

5. Itti fayyadama Lafa Baadiyyaa

1. Akkaataalabsii keewwata 6 keewwata xiqqaa (5) jalatti tumameen idaa dhuunfaa sababeeffachuudhaan, raawwiin murtii oomisha qabeenya dhaabbataa kan akka Buna, Jimaa, Maangoo, Avokaadoo, Paappayyaa, Burtukaanaa fi kan kana fakkaatan irratti raawwatamu walakkaa oomisha qaabiyyee lafaakanhin caalleta'uu qaba.

2. Namni mirga itti fayyadama qabiyyee lafa baadiyyaa qabu kamiyyuu lafa roobaan misoomee faayidaa irra ooluu danda'u sababa gahaa malee waggaa tokkoof osoo itti hin fayyadamin tursiisuu isaa Koreen qulqullaa'ee yoo dhiyaate Bulchiinsa Gandaa abbaa qabiyyee lafichaatiif akeekkachiifni

4) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 3 የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ወንዝን ፣ ሀይቅን ፣ ምንጭን ፣ የከርሰ ምድር ውኃ እና የመሳሰሉትን በመጠቀም አርሶ አደር ወይም አርብቶ አደር ወይም ከፊል አርብቶ አደር በይዘታው ላይ በግሉ ወይም ከሌሎች ጋር በመሆን በባሕላዊ ወይም ዘመናዊ መስኖ ያለማ ከሆነ መ ሬ ቱ ተ መ ል ሶ አ ይ ከ ፋ ፈ ል ም ፡ ፡

5) የአርሶ አደሮች ወይም አርብቶ አደሮች ወይም ከፊል አርብቶ አደሮች የወል መሬት ለመስኖ ልማት እንዲውል ከተከፋፈለ የመስኖ መሬት ያገኙ ሰዎች የግጦሽ መሬት በወል የመጠቀም መብታቸው ይጠበቅላቸዋል።

5. የገጠር መሬት አጠቃቀም

1. በአዋጅ አንቀጽ 6 ንዑስ አንቀጽ (5) ሥር እንደተደነገገው በግል ዕዳ ምክንያት በቋሚ ንብረት ምርቶች እንደ ቡናና ጫትን ማንጎን አሾንዶን ፓፓያን ብርቱንንና በመሳሰሉት ላይ የሚሰጥ የፍርድ ውሳኔ ከይዘታው ከሚገኝ ምርት ግማሽ መብለጥ የለበትምን

2. ማንኛውም በገጠር መሬት የመጠቀም መብት ያለው ሰው በዝናብ ለምቶ ጥቅም ላይ ሊውል የሚችል መሬት ለእርሻ፣ ለግጦሽ ወይም ለሌላ የግብርና አገልግሎት ያለ በቂ ምክንያት ከአንድ ዓመትና ከዚያ በላይ ሳይጠቀምበት መቅረቱ በመሬት አስተዳደርና

4. Without prejudice to sub-article (3) of this Article, the holding of farmers, pastoralists or semi-pastoralists developed individually or in group, for traditional or modern irrigation by using, streams, ponds, springs etc, on their own land holding shall not be redistributed.

5. A common holding of farmers, pastoralists, or semi-pastoralists determined and redistributed for irrigation the right to use the common grazing by irrigation land users is protected

5) Rural Land Use

1. In accordance with article 6 (5) of the Proclamation decision given due to personal debt on production of permanent properties like, Coffee, Avocado, Chat, Papaya, etc, shall not exceed than the half of the yield to be obtained from holding.

2. Any person who has the right to use rural land, that can be cultivated by rain but failed to do so without any satisfactory reason for one year and this is approved by committee

barreeffamaan kennuudhaan waajjira ni beeksisa.

3. Namni kamiyyuu lafa roobaan misoomee faayidaa irra ooluu danda’u,sababa gahaa malee waggaa lamaa fi isaa ol osoo itti hin fayyadamin kan tursiise ta’uu isaa Koreen yoo dhiyaatee, Bulchiinsa Gandaa mirkanaa’e, Waajjiriri dhimmicha qulqulleessee Mana Maree Bulchiinsa Aanaatiif dhiyeessee akka irraa fuudhamu yoo murtaa’e lafa dhabeeyyii ganda keessatti galmaa’aniif kan kennamu ta’a.

4.Namni mirga ittifayyadama lafa baadiyyaa jallisiidhaan misoomu qabu sababa gahaa malee osoo itti hin fayyadamin oomisha yeroo tokkoo kan dabarse ta’uu Koreen yoo dhiyaate, Bulchiinsa Gandaa akeekkachiisa barreeffamaa kenuudhaan dhimmicha Waajjiri akka beeku ni taasisa.

5. Keewwata kana keewwata xiqqaa (4) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta’ee; namni mirga ittifayyadama lafa jallisiidhaan misoomu qabu kamiyyuu sababa gahaa malee osoo itti hin fayyadamin ittifufiinsaan oomisha yeroo lamaa yoo dabarse Bulchiinsa Gandaatiin erga mirkanaa’ee booda Waajjiri dhimmicha qulqulleessee akeekkachiifni isa dhumaa ni kennamaaf.

6. Abbaan qabiyyee akeekkachiisa dhumaa kennameef fudhatee guyyaa misoomsuu dhaabe irraa kaasee waggaa lamaa fi isaa ol yoo dabarse Waajjiri Mana Maree Bulchiinsa Aanaatiif dhiyeessee akka

አጠቃቀም ኮሚቴ ከተረጋገጠ በቀበሌ አስተዳደር በጽሑፍ ማስጠንቀቂያ በመስጠት ጉዳዩንን የወረዳው ቤት እንዲያወቀው ይደረጋል፤

3. ማንኛውም ሰው በዝናብ ለምቶ ጥቅም ላይ ሊውል የሚችል መሬት ሁለት ዓመትና ከዚህ በላይ ሳይጠቀምበት የቀረ መሆኑ በኮሚቴ ቀርቦ በቀበሌ አስተዳደር ሲረጋገጥ ጽሕፈት ቤቱ ጉዳዩን አጣርቶ ለወረዳ አስተዳደር ምክር ቤት አቅርቦ ከተወሰነ በኋላ በቀበሌው ውስጥ ለተመዘገቡ መሬት ለሌላቸው የሚሰጥ ይሆናል፤

4. ማንኛውም በመስኖ የሚለማ መሬት ያለው ባለይዘታ ሳይጠቀምበት የአንድ ጊዜ ምርት ያሳለፈ መሆኑ በኮሚቴ ከተረጋገጠ የቀበሌው አስተዳደር በጽሑፍ ማስጠንቀቂያ በመስጠት ጉዳዩን ጽሕፈት ቤቱ እንዲያወቀው ይደረጋል፤

5. በዚህ አንቀጽ 30-ስ አንቀጽ 4 የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ማንኛውም በመስኖ የሚለማ መሬት ያለው ሰው ሳይጠቀምበት በተከታተይ የሁለት ጊዜ ምርት ካሳለፈ በቀበሌ አስተዳደር ከተረጋገጠ በኋላ ጽሕፈት ቤቱ ጉዳዩን አጣርቶ የመጨረሻ ማስጠንቀቂያ ይሰጣል፤

6. ባለይዘታው የመጨረሻ ማስጠንቀቂያ ከተሰጠበት ቀን ጀምሮ ሁለት ዓመት ካሳለፈ

shall be given notice in writing by the kebele administration and informe the Office about the case.

3. Any person who failed to cultivate his holding by rain fed for different purposes for two years and reported by committee and confirmed by kebele administration the Office shall rectify the issue and report the Woreda Administrative Council for decision and upon the decision the land shall be given for the landlesses regesterd in the kebele.

4. Any person who has got the right to use irrigable land but, failed to use for one production season without a satisfactory reasons and it is reported by the committee the Kebele Administration shall given notice in writing and informe the Office about the case.

5. Without prejudice to sub-article (4) of this Article, any person who has the right to use irrigable land and failed to cultivate the land for two consecutive production seasons, and this is rectified by Kebele Administration, the Office shall give last notice.

6. Where the land holder fails to cultivate within two years and above starting from when notification has been given the office shall submit the issue to the Woreda Administrative Council and

irraa fuudhamu yoo murtaa'e lafa dhabeeyyii gandatti iyyatanii galmaa'aniif lafich kan kennamu ta'a. isa dhumaa kennameef fudhatee guyyaa misoomsuu dhaabe irraa kaasee waggaa lamaa fi isaa ol yoo dabarse Waajjiri Mana Maree Bulchiinsa Aanaatiif dhiyeessee akka irraa fuudhamu yoo murtaa'e lafa dhabeeyyii gandatti iyyatanii galmaa'aniif lafich kan kennamu ta'a.

7. Haati Warraa fi Abbaan Warraa yoo walhiikan qooda qabiyyee lafa nama tokkoo midhaan nyaataaf heektaara 0.5, biqiltuu dhaabbataaf heektaara 0.25, kan lafa jallisii heektaara 0.25 fi isaa gadi yoo ta'e laficha addaan qoodachuu hin danda'an.

8. Qabiyyee lafa baadiyyaa addaan goodamuu hindandeenye kana abbaa warraa fi haati warraa walhiikan akkaataa armaan gadiitiin itti fayyadamuu ni danda'u.

a. Bu'aa laficha irraa argamu shallaguun kan waggaa murtaa'ee yeroo tokko yookiin waggaa waggaan Abbaa warraa fi Abbaa Warraa keessaa namni tokko isa tokkoof kaffaluun akka ittifayyadamu gochuun yookiin;

b. Abbaa Warraa fi Haati Warraa ofi isaaniitii bifa kiraan waliigaluun yookiin Maallaqa kiraan laficha irraa argamu q o o d a c h u u d h a a n yookiin;

c. Abbaan Warraa yookiin Haati Warraa dabare dabareen ittifayyadamuudhaan yookiin;

ጽሕፈት ቤቱ ለወረዳ አስተዳደር ምክር ቤት አቅርቦ ሲወሰን ለቀበሌው ላመለከቱና ለተመዘገቡ መሬት አጠኝ የሚሰጥ ይሆናል።

7. ባልና ሚስት ከተፋቱ የእያንዳንዳቸው መሬት ድርሻ ለምግብ እህል ግማሽ (0.5) ሄክታርን ለቋሚ ተክል ሩብ (0.25) ሄክታርን የመስኖ መሬት ሩብ (0.25) ሄክታር እና ከዚህ በታች ከሆነ ይዞታቸውን መከፋፈል አይችሉም።

8. ማከፋፈል ያልተቻለውን የገጠር መሬት ይዞታ የተፋቱ ባልና ሚስት ከዚህ በታች እንደተገለጸው ሊጠቀሙበት ይችላሉ።

ሀ) ከመሬቱ የሚገኘውን ጥቅም በመተመን የተወሰነውን ዓመት በአንድ ጊዜ ወይም በየዓመቱ አንዳቸው ለአንዱ ከፍለው እንዲጠቀምበት በማድረግ ወይም።

ለ) ራሳቸው በመስማማት የአንዱ ድርሻ ባል ወይም ሚስት ኪራይ በመወሰን ወይም ከመሬቱ ኪራይ የሚገኘውን ገንዘብ በመክፈል ወይም።

ሐ) አባወራ ወይም እማወራ ተራ በተራ በመጠቀም። መካከላቸው ለሚወስድ አርሶ አደር የመጠቀም መብት በማስተላለፍ።

ሠ) አንዱ ለአንዱ በራሱ ፈቃድ ካሳ ወስዶ በመልቀቅ መጠቀም ይችላሉ። የካሳ ተመን በሕጉ መሠረት ይፈጸማል።

where the land is decided to be taken it is given for the landlesses applied and registered in the kebele.

7. Husband and wife upon divorce shall not have the right to share their land holding if the holding is less than 0.5 hectar for cereal, 0.25 hectar for perpetual tree and 0.25 hectar for irrigation.

8. Where the land can not be divided the divorced husband and wife may use such rural land holdings as follows:

a) By estimating production of the holding one of the couples may pay the share of the other at once or yearly.

b) Depending on their agreement they may rent out the land and share the rental price.

c) The husband or the wife shall use turn by turn.

d) They shall have the right to transfer their use right to any farmer upon compensation.

e) One of them may give his or her share for the other upon compensation voluntarily. The amount of compensation shall be determined by law.

- d. Qonnaan bulaa beenyaa kafalee fudhatuuf mirga ittifayyadamaa lafaa dabarsuudhaan yookiin;
- e. Tokkoon isaanii fedhii mataa isaatiin isa tokkoof beenyaa fudhatee gadhiisuudhaan itti fayyadamuu ni danda'u. Tilmaamni beenyaa akkaataa seeratiin kan raawwatamu ta'a;
- 9. Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (8) (c,d fi e) tiinwaligalteeirrayooga'ame waliigaltichi Waajjiran erga galmaa'een booda maqaa abbaa qabiyyee haaraatiin waraqaan ragaa ni kennama.
- 10. Keewwata kana keewwata xiqqaa (8) (c ,d fi e) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee; Haati Warraa fi Abbaan Warraa walhiikan sababa xiqqeenya qabiyyee lafa isaanii irraa kan ka'e qooddachuu kan hin dandeenye yookiin waliigaluudhaan isa tokkoof kan hin dabarsine yoo ta'e lafichaa maqaa lamaaniitiin galmaa'ee waliin kan ittifayyadaman ta'a.
- 11. Abbaa Warraa fi Haati Warraa yoo addaan bahan qabiyyee lafaa ijoollee isaaniitiif kan kennan yoo ta'e maqaa ijoollee kenneeften ni galmaa'a.
- 12. Akkaataa labsii keewwata 6 keewwata xiqqaa (14) jalatti tumameen namni sababa umuriin, qaama miidhamummaadhaan, dhibeedhaan hojjechuu kan hin dandeenye yoo ta'e qabiyyee lafa isaa hunda kireessuu, yookiin kan misoomsu waliin galii qooddachuu, yookiin humna namaa qacaruudhaan fayyadamuu ni dandaa'a.

- 9. በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 8 /ሐ፣ መ እና ሠ/ መሠረት ስምምነት ላይ ከተደረሰ ውሉ በጽሕፈት ቤቱ ተመዝግቦ በአድሱ በአንዱ ባለይዘታ ስም የይዘታ ማረጋገጫ ምስክር ወረቀት ይሰጣል።
- 10. በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 8 /ሐ፣ መ እና ሠ/ የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ የተፋቱ ባልና ሚስት ይዘታቸው አነስተኛ በመሆኑ ምክንያት መከፋፈል ወይም ተስማምተው ለአንዱ ማስተላለፍ ካልቻሉ ይዘታው በሁለቱም ስም ተመዝግቦ በጋራ የሚጠቀሙበት ይሆናል።
- 11. ባልና ሚስት ሲለያዩ ለልጆቻቸው የሚሰጠው የመሬት ይዘታ በልጆቻቸው ስም እንዲመዘገብ ይደረጋል።
- 12. በአዋጅ አንቀጽ 6 ንዑስ አንቀጽ 14 ሥር የተደነገገው በዕድሜ፣ አካል ጉዳተኝነት ወይም በበሽታ መሥራት የማይችል ባለይዘታዎች መሬቱን ሁሉንም የማከራየት ወይም ከሚያለማ ሰው ጋር በሽርክና መሥራት ወይም ሰው በመቅጠር አልምተው መጠቀም ይችላሉ።
- 13. ባልና ሚስት ሲፋቱ ወይም የቤተሰቡ አባላት ይዘታን ከተከፋፈሉ የቤት መሬትን እንደአስፈላጊነቱ መከፋፈል ወይም በስምምነት መጠቀም ይችላሉ።

- 9. Contract entered in accordance with sub article 8 (c, d, and e) of this article shall be registered by the Office, and the holding certificate shall be given for the new holder.
- 10. Without prejudice to sub article 8 (c, d, f and e) of this article, the divorced husband and wife who can not divide their land for the smallness of the holding or transfer it one to the other shall be registered by the name of both couples and commenly use it.
- 11. During divorce where the couples want to transfer thier holding to their children it shall be registered by the name of the children.
- 12. In accordance with the Article 6 (14) of this Proclamation any person who cans not cultivat because of retirment, disability or disease shall have the right to rent out their holding partially or fully, or give to share cropping or use by hiring labour.
- 13. During divorce a husband and wife or members of their families shall have the right to share or use in common the residential areas while they share their holdings.

13. Abbaa Warraa fi Haati Warraa yoo addaan bahan yookiin miseensi maatii isaanii qabiyyee lafaa yoo addaan hiratan lafa qabiyyee manaa addaan qooddachuu yookiin waliigalteedhaan waliin ittifayyadamuu ni danda'u.

14. Abbaan qabiyyee lafti manaisaa misooma jallisiif jalaa oole lafa manaa addatti safaramee giddugaleessaan bal'ina lafa mana jiraattotanaannoo isaaniitiin ilaalamee iddoo biraatii lafa namaan hin qabamne yookiin abbaan qabiyyee lafa isaa fudhate lafa roobatiin jijjiiraadhaan bakka bu'uufii qaba

15. Namoonni lafti mana isaanii misooma jallisii jala oole akkaataa karoora itti fayyadama lafaa qoratamee qophaa'uun lafti mana jirrenyaa qopha'ee ni kennamaaf.

16. Lafa manaa jedhamee murtaa'ee kenneen alatti namni kamiyyuu lafa faayidaa adda addaa kan akka qonna, dheedicha, bosonaa fi kan kana fakkaataniinf oolu waajjira irraa hayyama osoo hin argatin gara lafa manaatti jijjiiruun dhorkaadha.

17. Keewwata kana keewwata xiqqaa (16) jalatti kan tumame yoo jiraatellee horsiisee bulaa yookiin gamisa horsiisee bulaa mana yeroof keessa jiraatan waliigaltee isaaniitiin iddoo yeroof qubatutti ijaarrachuu ni danda'u.

6. Lafa Baadiyyaa Investimentiif Oolchuu

1. Biiron uummata hubachiisuudhaan lafa

14. መሬቱ በመስኖ ልማት ሥርዓቱ ላይ ባለይዘታ የቤት ቦታ ለብቻ ተለክቶ በአማካይ የአንገቢ ነዋሪዎች የያዙት ቦታ ስፋት ከመስኖ መሬት ውጭ በሰው ያልተያዘ መሬት ወይም የመስኖ መሬት ከወሰደ ባለይዘታ የዝናብ መሬት በልዋጭ ሊተካለት ይገባል፤

15. የቤት መሬታቸው በመስኖ ልማት ሥርዓቱ የዋለባቸው ሰዎች በመሬት አጠቃቀም ዕቅድ ጥናት መሠረት የመኖሪያ ቦታ መሬት ተዘጋጅቶ ይሰጣቸዋል።

16. ለቤት መሥሪያ ቦታ ተብሎ ተወስኖ ከተሰጠ መሬት ውጪ ማንም ሰው ለተለያዩ ጥቅም እንደ እርሻ ፣ ግጦሽ፣ ደን እና ለመሳሰሉት የሚውል መሬት ከጽሕፈት ቤቱ ፈቃድ ውጪ ወደ መኖሪያ ቦታ መለወጥ ክልክል ነው።

17. በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 16 ሥርዓቱ የተደነገገው ቢኖርም አርብቶ አደር ወይም ከፊል አርብቶ አደር በጊዜያዊነት የሚቆዩበት ቤት በራሳቸው ስምምነት መሥራት ይችላሉ።

6. የገጠር መሬት ለኢንቨስትመንት ማዋል

1. የመሬት አጠቃቀም ዕቅድ መሠረት በማድረግ ጥናት በማካሄድ ሕዝቡ ግንዛቤ እንዲኖረው በማድረግ ቢሮው ጥናት በማካሄድ ለኢንቨስትመንት ሊውል የሚችል መሬት በማዘጋጀት የተዘጋጀውን መረጃ

14. Any person with disease whose residential area is taken for irrigation shall be substituted land for residential area which shall be equivalent to the average land for residential area in that locality. Where unoccupied land is not available in that area the substitution shall be given from other places.

15. Individuals whose premises are expropriated for irrigation schemes shall get land for residential building according to the land use plan.

16. Except the determined land for residence, no person is allowed to convert crop land, grazing land and forest land into residential areas without a permission from the Office.

17. Notwithstanding sub-article (16) of this article, pastoralists or semi-pastoralists shall have the right to build the temporary houses in their settlement areas for the period they stay by their agreement.

6. Rural Land Use for Investment

1. The Bureau shall undertake study and prepare land for investment based on the rural land use plan by creating awareness of people on investment and provide information to Oromiya Investment Commission.

baadiyya investimantiidhaaf oolu karoorra ittifayyadama lafa baadiyyaa irratti hundaa'ee qorannoo gaggeessuun qopheessee ragaa lafa qopha'ee Komishinii Investmentii Oromiyaatiif ni kenna.

2. Qonnaan bulaan, horsiisee bulaan yookaan gamisa horsiisee bulaan qabiyyee dhuunfaa isaa investmentiif oolchuu ni danda'a. Haalli raawwii isaa qajeelfamaan qophaa'a.

3. Biiron lafa investmentiif akka oluu murtaa'e waraqaa ragaa qabiyyee lafaa waliin qaama murtaa'eeef ni kenna.

4. Lafa investmentiif murtaa'u ialaalchisee Biiron tilmaama beenyaa qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjata; beenyaanis maallaqaan yookiin akaakuun akka raawwatamu ni hordofa.

5. Namoota qabiyyee lafa isaanii irraa ka'anii beenyaan maallaqaan kaffalamuuf fedhii isaanii irratti hundaa'ee misooma barbaadan irratti akka bobba'aniif Biiron qaama dhimmi ilaallatu waliin pirojeektiin qophaa'ee deebi'anii akka ijaaraman ni hordofa, ragaa ni qabata, raawwii isaa yeroo yeroon gabasa ni dhiyeessa.

7. Lafa Baadiyyaa Kireessuu

1. Akkaataa Labsii keewwata 10 keewwata xiqqaa (1) jalatti tumameen bal'inna lafa qabiyyee midhaan nyaataaf heektaara 0.5, biqiltuu dhaabbataaf heektaara 0.25, lafa jallisiin misoomuuf heektaara 0.25 fi isaa gadi ta'e kireessuun dhorkaadha.

2. Keewwata kana keewwata tumame akkuma eggametti

ለኦሮሚያ እንሸሰት መንት ኮሚሽን ይሰጣል”

2. አርሶ አደር፣ አርብቶ አደር ወይም ከፊል አርብቶ አደር የግል ይዞታውን ለእ.ንሸሰት መንት ማዋል ይችላል፣ አ ፈ ጸ ጸ ሙ በመመሪያ ይወሰናል፣

3. ቢሮው ለእ.ንሸሰት መንት እንዲውል የተወሰነን መሬት ከይዞታ ማረጋገጫ የምስክር ወረቀት ጋር ለተወሰነለት አካል ይሰጣል፣

4. ለእ.ንሸሰት መንት የተወሰነ መሬት በሚመለከት ቢሮው የካሳ ግምት ጉዳዩ ከሚመለከታቸው አካል ጋር በመሆን ይሠራል፣ ካሳውም በገንዘብ ወይም በዓይነት እንዲፈጸም ይከታተላል፣

5. ከይዞታቸው ለሚለቁ ሰዎች ካሳ ሲከፈላቸው በፍላጎታቸው በሚፈልጉት ልማት ላይ እንዲሰማሩ ከሚመለከታቸው አካላት ጋር በመሆን ቢሮው ኘርጀክት በማዘጋጀት ተመልሰው እንዲቋቋሙ ይከታተላል፣ መረጃ ይይዛል አፈጻጸሙን በየጊዜው ሪፖርት ያቀርባል፣

7. የገጠር መሬትን ማከራየት

1 በአዋጅ አንቀጽ 10 ንዑስ አንቀጽ 1 የተደነገገ የመሬት ስፋት ለምግብ እህል 0.5 ሄክታርን ለቋሚ ሰብል 0.25 ሄክታርን በመስኖ የሚለማ 0.25 ሄክታርን እና ከዚያ በታች ከሆነ ማከራየት ክልክል ነው፣

2. በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1

2. Farmers, Pastoralists or semi-pastoralists may use their holdings for investment. Its execution shall be decided buy directive issued.

3. The Bureau shall give the land detrmind for investment and holding certificate for whom the land is decided.

4. The compensation for the investment land that determined for this purposes shall be estimated by the Bureau work in collaboration with conserved bodies and follow up the payment to be executed in cash or in kind.

5. The Bureau shall follow up the land holders that take compensation to be rehabilitated through preparing project in collaboration with conserved bodies, keep information regarding the execution and send timlly reporte.

7. Rural Land Renting

1. In accordance with Article 10 (1) of the Proclamation land holding less than 0.5 hectar for crops, 0.25 hectar for permanent crops and 0.25 hectar for irrigation shall not be rented out.

2. Without prejudice to sub-article (1) this article:

ta'ee;

a.Namnisababa umuriitiin yookiin qaama m i i d h a m u m m a a n yookiin dhibeedhaaan ofii isaaniitii hojjechuu kan hin dandeenye ta'uu bulchiinsa gandaatiin mirkanaayee qabiyyee isaa hunda kireessuu ni danda'a.

b. Bal'inna qabiyyee lafa midhaan nyaataa heektaara 0.5 fi isaa gadi ta'e misooma qonna hammayyaa kan akka horsiisa lukkuu, misooma horii annanii, horii furdisuu, fi kan kana fakkaatan kan gaggeessu yoo ta'e Waajjiraan mirkanaa'ee hanga walakkaa kireessuun ni danda'a.

3.Abbaan mirga itti fayyadama qabiyyee lafa jallisii karaa hammayyaatiin yookiin aadaatiin misoomu qabu qabiyyee isaa irraa hanga walakkaa kireessuu ni danda'a.

4. Qabiyyee dhuunfaa yookiin waliinii kan kireeffamu yoo ta'e mirga itti fayyadama qabiyyee sanaa kan qaban Abbaa Warraa fi Haadha Warraa yookiin namoota qabiyyee waliin qabaniin irratti waliigalamuu qaba. Waliigalteen kireessuu lafaa haala kanaan alaatiin raawwatamu fudhatama hin argatu.

5. Akkaataa labsii keewwata 10 keewwata xiqqaa (8) jalatti tumameen abbaan qabiyyee lafaa abbaa qabeenyaa yookiin nama biroo waliin waliigaltee uumuudhaan lafa, maallaqa, beekumsaa fi teeknooloojii

የተደነገገ እንደተጠበቀ ሆኖ፤ ሀ. በዕድሜ ወይም በአካል ጉዳተኝነት ወይም በሀመም ራሱ መሥራት የማይችል መሆኑ በቀበሌ አስተዳደር ከተረጋገጠ ይዞታውን ሁሉ ማከራየት ይችላል፤

ለ. በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (1) የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ለምግብ እህል ግማሽ (0.5) ሄክታር እና ከዚያ በታች የሆነ ዘመናዊ እርሻ እንደ ዶሮ እርባታን የወተት ከብት ዕርባታን እንስሳት ማደለብን እና የመሳሰሉትን ለማካሄድ በጽሕፈት ቤቱ ተረጋግጦ እስከ ይዞታው ግማሽ ማከራየት ይቻላል፤

3. በዘመናዊ ወይም በባህላዊ መስኖ የሚለማ መሬት የመጠቀም መብት ያለው ባለይዞታ ካለው ይዞታ እስከ ግማሽ ማከራየት ይችላል፤

4. የግል ወይም የጋራ ይዞታ የሚከራይ ከሆነ የመጠቀም መብት ያላቸው ባልና ሚስት ወይም የጋራ ይዞታ ያላቸው ሰዎች ይዞታቸውን ለማከራየት ባለመብቶቹ መስማማት ይኖርባቸዋል። ከዚህ ውጪ የሚደረግ የኪራይ ውል ተቀባይነት አይኖረውም፤

5. በአዋጅ አንቀጽ 10 ንዑስ አንቀጽ (8) ሥር በተደነገገው መሠረት ባለይዞታው ከባለሀብት ወይም ከሌላ ሰው ጋር ውል በማድረግ መሬትን ገንዘብን ዕውቀትና ቴክኖሎጂ በማቀናጀት በዘመናዊ እርሻ ወይም በባህላዊ መንገድ መሬቱን በማልማት መጠቀም ይችላል፤

a) Disabled, aged and sick person shall have a right to rent out their entire holdings where ti is approved by the kebele administration.

b) Rural land holding for crops equivalent to 0.5 hectar and less shall be rented out only for poultry farming, fattening dairy farms and for similar purpose up to half of it, upon the approval of the Office.

3. Any person who has got the right to develop rural land by modern or traditional irrigation shall have the right to rent out up to half of his holding.

4. Private or joint possession right on holding intended to rent shall bear the consent of a husband and wife or any other person who have joint possession right on holding. Any contract which is made inconcistant with this statement is invalid.

5. In accordance with article 10 (8) of the proclamation any land holder shall have the right to develop his holding jointly by making contract with private investor through combining their resources, knowledge and technologies for modern or traditional agricultural development.

walitti qindeessuudhaan qonna hammayyaa yookiin aadaatiin waliin lafa misoomsanii fayyadamuu ni danda'u.

6. Keewwata kana keewwata xiqqaa (5) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, waliigalteen raawwatamu qabiyyicha irratti dhuunfaadhaan yookiin waliin namoota mirga itti fayyadamaa qaban waliin kan irratti waliigalame ta'uu qaba. Lafti misoomu qonna aadaa yoo ta'e hanga waggaa sadii (3) fi qonna hammayyaa yoo te'e hanga waggaa kudha shanii (15) yeroo hin caalleef ta'ee, fedhii abbootii dhimmaatiin waliigaltee haaromsuun ni danda'ama.

7. Qonna hammayyaas ta'e kan aadaa qabiyyee lafaa kireessuu yookiin waliin misoomsuu ilaalchisee waliigalteen taasifamu kamiyyuu barreeffamaan ta'ee, Waajjira biratti mirkanaa'ee galmaa'uu qaba.

8. Kewwata kana keewwata xiqqaa (7) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee sababa qabiyyee lafaa waliin misoomsuutiin laficha abbaa qabiyyee irraa kara kaminiyyuu gara qaama waliin misoomsuuf waliigalametti dabarsuun dhoorkaadha.

9. Lafa waliin misoomu ilaalichisee waliigalteen yeroo taasifamu bal'inna lafa waliin misoomuu, gahee waliigaltootaa maal akka ta'e, yoo addaan bahan haala qoodiinsa qabeenya dhaabbataa kan akka Bunaa, Maangoo fi kan kana

6. በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (5) የተደነገገ እንደተጠበቀ ሆኖ በይዘታው ላይ በጋራ የመጠቀም መብት ካላቸው ሰዎች ጋር ስምምነት መኖር ይኖርበታል።

የሚለማው መሬት ባህላዊ እርሻ ከሆነ እስከ ሶስት ዓመት እና ዘመናዊ እርሻ ከሆነ እስከ አሥራ አምስት ዓመት የማይበልጥ ኪራይ ሆኖ በባለጉዳዮች ስምምነት ውሉ ሊታደስ ይችላል፤

7. ማንኛውም መሬትን ለዘመናዊ ወይም ለባህላዊ እርሻ ለማከራየት ወይም በጋራ ለማልማት የሚደረግ ውል በጽሑፍ ሆኖ በጽሕፈት ቤቱ መጽደቅ እና መመዝገብ አለበት፤

8. በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 7 የተደነገገ እንደተጠበቀ ሆኖ መሬቱን በጋራ በማልማት ምክንያት የባለይዘታው የመጠቀም መብት ወደ ሌላ አባርሎማልማት ውል ወዳደረገው አካል ማስተላለፍ የተከለከለ ነው፤

9. መሬትን በጋራ ለማልማት ውል በሚደረግበት ወቅት የሚለማው መሬት ስፋትን የተዋዋዩት የግልና የጋራ ሃላፊነትን ሲለያዩ ቋሚ ሰብል እንደ ቡናና ማንጎ እና የመሳሰሉትን የሚከፋፈሉበት ሁኔታ የተለያዩ ወጪዎች እና ሌሎች የጋራ ንብረቶች ክፍፍል ሁኔታ በውል ስምምነት ውስጥ በግልጽ መቀመጥ አለበትን

6. Without prejudice to sub article 5 of this article such contract shall bear the consent of all persons who have privet or joint possession on holdig. The term of the contract shall be up to 3 years for traditional farming and 15 years for the modern farming, it may be extended upon agreement of the parties.

7. Any contract made on renting land holdings or joint development for modern or traditional farming shall be in writing, approved and registered by the Office.

8. Without prejudice to sub article 7 of this article transfer of possession right of land holder by the reason of contract, to the party with who contract is made to develop jointly shall be forbidden.

9. The contract made on joint development shall be invalid unless it contains details and conditions like the erea of land to be developed, each side and commen responsibilities of parties ,how to share the permanent assets such as coffee, mango and etc, sharing of other expenditures and common properties.

fakkaatan, qoodiinsa baasii adda addaa fi qabeenya waliinii kan biroo waliigaltee keessatti ifatti taa'uu qaba,kan hin ibsamne yoo ta'e waliigaltichi fudhatama hin qabu.

10. Lafa horsiisee bulaa dhuunfaan qabame kireessuun yookiin abbaa qabeenyaa yookiin namoota biroo waliin misoomsuun fudhatama kan qabaatu Waajjiraan yoo mirkanaa'e qofa ta'a.

11. Namni lafa kireeffate waliigaltee kireessuu lafaa keessatti yoo ibsame malee laficha dabarsee kireessuun dhoorkaadha.

12. Waliigaltee abbaa qabiyyee fi kireeffataa jidduutti taasifamu sababa du'aatiin mirgi itti fayyadama dhaaltoota kireessaa fi kireefataa hin tuqamu.

13. Namni lammummaan isaa biyya alaa ta'e qaama seeraan aangoon kennaameef irraa hayyama yoo qabaate malee lafa Qonnaan Bulaa, gamisa Horsiiisee Bulaa yookiin Horsiiisee Bulaa kireeffachuu hin danda'u.

14. Qabiyyee lafa baadiyyaa Qonnaan Bulaa, Horsiiisee Bulaa yookiin gamisa Horsiiisee Bulaa irratti

10. በግል የተያዘ የአርብቶ አደር መሬት ማከራየት ወይም ከባለሀብት ወይም ከሌላ ሰው ጋር በመሆን ማልማት ተቀባይነት የሚኖረው በጽሕፈት ቤቱ ሲረጋገጥ ብቻ ነው።

11. በውሉ ውስጥ በግልጽ ለተቀመጠ በስተቀር ተከራይ የተከራየውን መሬት ለሌላ ሰው አሳልፎ ማከራየት የተከለከለ ነው።

12. በባለይዘታ ወይም በተከራይ ወይም በሁለቱም ጥቅ ምክንያት የአከራይ ወይም የተከራይ ወራሾች የመጠቀም መብት አይነካም።

13. ዜግነቱ የሌላ አገር የሆነ ሰው በሕግ ሥልጣን ካለው አካል ፈቃድ ካልኖረው በስተቀር የአርቦ አደርን ወይም የአርብቶ አደር ወይም ከፊል አርብቶ አደር መሬት መከራየት አይችልም።

14. የአርቦ አደር ወይም የአርብቶ አደር ወይም ከፊል አርብቶ አደር መሬት ይዘታላይ ተከራዩ ያፈራው ንብረት ከውል ዘመን ውጪ በዕዳ ሊያዝ አይችልም።

10. An agreement of renting on private holding of pastoralists or developing with investor or with other person shall be invalid unless it is confirmed by the Office.

11. Transfer rented land through renting to the third party is prohibited unless it is defined initially in the contract.

12. The contract made between the land holder and renter shall not affect the rights of successor of both parties due to the death of one party or both.

13. A person who is foreign citizen shall not have a right to use land through rental on land holding of a farmer or pastoralist or semi-pastoralist, unless he is licensed from an authorized body.

14. Any property produced by renter on the rented holdings of farmers or pastoralists or semi-pastoralists shall not be subjected to personal debt after the termination of the contract.

qabeenya kireeffataadhaan horatame sababa idaa dhuunfaa isaatiin bara waliigaltee kiraatiin ala qabamuu hin danda'u.

15. Lafa qabiyyee dhuunfaa qotee bulaa adda addaa walitti fiduudhaan qonna baba'adhaaf kireeffamu daangaan isaa akka beekamu kaartaan daangaa lafa qotee bulaa dhuunfaa agarsiisu qophaa'uu qaba.

8.Waliigaltee Kireessuu Lafa Baadiyyaa Mirkaneeessuu fi Galmeessu

Akkaataa labsii keewwata 10 keewwata xiqqaa (3) jalatti tumameen waliigalteen kireessuu lafa baadiyyaa mirkanaa'uu fi galmaa'uuf waantoonni armaan gadii guutamuu qabu.

- 1.Waraqaa ragaa abbummaa qabiyyee lafa baadiyyaa dhiyeessuu.
2. Yeroo waliigaltichaa fi qonna aadaa yookiin hammayyaa ta'uu isaa ibsuu.
- 3.Kireesitoonni Abbaa Warraa fi Haadha Warraa yoo ta'an ragaa fuudhaa fi heerumaa yookiin Abbaa Warraa fi Haadha Warraa ta'u isaanii ragaa mana murtii hawaassummaa gandaatiin mirkanaa'e dhiyeessuu qabu.

15. የግል ይዘታን ከታገጠም በማድረግ ለሰፋፊ እርሻ የሚከራይ መሬት የእያንዳንዱን አርሶአደር የግል ይዘታ ወሰን የሚገልጽ ካርታ መዘጋጀት አለበት።

8. የገጠር መሬት ኪራይ ውል ማረጋገጥ እና መመዘገብ

በአዋጅ አንቀጽ 10 ንዑስ አንቀጽ (3) በተደነገገው መሠረት የገጠር መሬት ኪራይ ውል ለመመዘገብና ለማረጋገጥ ከዚህ በታች የተገለጹት መሟላት ይኖርባቸዋል፡-

1. የገጠር መሬት የይዘታ ባለቤትነት ማረጋገጫ መረጃ ማቅረብ፤
2. የውል ጊዜና ዘመናዊ ወይም ባህላዊ እርሻ ስለመሆኑ የሚገልጽ፤
3. አከራዮች ባልና ሚስት ከሆኑ የጋብቻ ውል ወይም ከቀበሌ ማህበራዊ ፍርድ ቤት ባልና ሚስት ስለመሆናቸው ማረጋገጫ ደብዳቤ ማቅረብ አለባቸው፤
4. መሬቱ የሚከራይበት ዋጋ፤ ስምምነት መታወቅ አለበት፤
5. የሚንሄደው የእርሻ ልማት አይነት እንደ ብርዕ ሰብልን የቅባት፤ የጥራጥራ ሰብል ወይም ቡና ወይም አትክልትና ፍራፍሬ ወይም እእርባታና የመሳሰሉትን

Farmers' private land holding rented by combining parcels for large scale farming shall bear the exact location map to identify the privet land boundaries of each farmer.

8.Registration and approval of rural land rental contract

In accordance with Article 10 (3) of the Proclamation registration and approval of rural land renting shall be fulfilled the following details:

1. Rural land holding certificate shall be available,
2. Define terms of the contract and whether its modern or traditional farming,
3. If the renters are husband and wife marriage certificate or any evidence that ascertain their marriage shall be available from kebele social court,
4. The renting price agreed upon shall be known,
5. Types of agricultural development intended such as cereals, oil crops ,coffee or vegetables or livestock and etc shall be known,

4.Gatii lafichi ittiin kireeffamu waliigaltaisaabeekamuuqaba.

5.Gosa misooma qonnaa gaggeeffamu kan akka midhaan biilaa, dibata, dheedhii yookiin buna, yookiin kuduraa fi muduraa yookiin horsiisaa fi kan kana fakkaatan,

6.Waliigaltichi bakka bu'ummaan kan gaggeefamu yoo ta'e ragaa bakka bu'ummaa. dhihaachuu qaba.

9.Mirgi itti fayyadama qabiyyee lafa waliigaltee kiraan argame haala ittiin hafuu danda'u

Waliigalteen kireessuu yookiin waliin misoomsuu qabiyyee lafa Qonnaan Bulaa, Horsiisee Bulaa yookiin Gamisa Horsiiee Bulaa erga raawwatamee booda mirgi itti fayyadama qabiyyee lafaa sababa armaan gadiitiin hafuu ni danda'a:

1. Kireeffataan kunuunsaa fi eegumsa raawwachuu dhabuutiin lafichi kan manca'e ta'uu Waajjiraan yoo mirkanaa'e;
2. Kireessaa fi kireefatan yoo waliigalan;
- 3.Laficha Mootummaan faayidaa uummataatiif kan barbaadu ta'uu Waajjiraan yoo mirkanaa'e;
4. Keewwata kana keewwata xiqqaa (3) jalatti kan tumame akkuma eeggametti ta'ee; kireeffataaf qabeenya laficha irraa qabuu fi baasii laficha

6. ውሉ በውክልና የሚካሄድ ከሆነ ሕጋዊ የውክልና ማስረጃመቅረብ አለበት።

9. በኪራይ የተገኘ መሬት ይዞታ የመጠቀም መብት ውል ሊቀር የሚችልበት ሁኔታ

የአርሶ አደርን አርብቶ አደር ወይም ከፊል አርብቶ አደር መሬት ኪራይ ወይም በጋራ የማልማት ውል ስራ ላይ ከዋለ በኋላ ከዚህ በታች ከተገለጹት ምክንያቶች በይዞታ የመጠቀም መብት ሊቀር ይችላል:

1. ተከራይ መሬቱን ባ ለ መ ጠ በ ቁ ና ባለመንከባከቡ ምክንያት መሬቱ ላይ ጉዳት መድረሱ በጽሕፈት ቤቱ ከተረጋገጠ፤
- 2 አከራይና ተከራይ ከተሰማሙ፤
- 3 መንግሥት መሬቱን ለሕዝብ ጥቅም የሚፈልገው መሆኑን በጽሕፈት ቤቱ ከተረጋገጠ፤
4. በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (3) የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ለተከራይ በመሬት ላይ ያለውን ንብረት እና መሬቱን ለማልማት ያወጣውን ወጪ የወረዳ አስተዳደር በሚያቋቁመው ኮሚቴ ተገምቶ የሚከፈለው ይሆናል።

6. If the contract is done through an agent representation document shall be available.

9.Termination of rental contract

Any contract made on renting of farmers ,pastoralists or semi-pastoralist holding can be terminated under the following conditions:

1. If the land is damaged due to failur of the user to preserve and protact the land and this is confirmed by the Office,
2. If both parties enter into an agreement,
3. If the land is required by the government for public interest and it is confirmed by the Office,
4. Without prejudice to sub-article (3) of this article the properties on the rented land and expenditures to develop the land shall be paid to the renter based on the estimation of the Committee established by Wereda administration.

misoomsuuf baase koree bulchiinsi Aanaa hundeessuun tilmaamamee kan kafalamuuf ta'a.

10. Qabiyyee lafa baadiyaa dhaalaan yookiin kennaan dabarsuu

1. Akkaataa labsii keewwata 9 keewwata xiqqaa (1) jalatti tumameen namni mirga ittifayyadama lafa baadiyaa qabu kamiyyuu qabiyyee dhuunfaa yookiin waliin qabu lafa dhabeeyyii miseensa maatii isaa galii laficha irraa argamuun jiraatan, yookiin galii biraa kan hin qabnee fi dhaabbataan abbaa qabiyyee waliin jiraatu mirga dursa dhaalaan argachuu ni qabaatu.

2. Akkaataa labsii keewwata 9 keewwata xiqqaa (5) jalatti tumameen Qonnaan Bulaan, Horsiisee Bulaan yookiin gamisa Horsiiee Bulaan mirga ittifayyadama qabiyyee lafa baadiyaa kennaadhaan dabarsuu kan danda'u .

a. Ijoollee isaa kan galii lafa saniitiin bulan;

b. Nama biraa galii biraa hin qabneef dhaabbataan abbaa qabiyyee waliin kan jiraatan;

c. Lafa dhabeeyyii ijoollee fi ijoollee ijoollee isaa galii biraa hin qabne; ta'uu isaanii ragaa Mana Maree

10. የገጠር መሬት ይዞታ በውርስ

ወይም በስጦታ ማስተላለፍ

1) በአዋጅ አንቀጽ 9 ንዑስ አንቀጽ (1) ስር የተደነገገ ማንኛውም የገጠር መሬት የመጠቀም መብት ያለው ሰው የግል ወይም የጋራ ይዞታውን መሬት ለሌላቸው ከመሬቱ በሚገኝ ገቢ የሚተዳደሩ የቤተሰብ አባላት ወይም ሌላ ገቢ የሌላቸውና በቋሚነት ከባለይዞታው ጋር የሚኖሩ በውርስ ቅድሚያ የማግኘት መብት ይኖራቸዋል፡

2) በአዋጅ አንቀጽ 9 ንዑስ አንቀጽ (5) በተደነገገው መሠረት አርሶ አደር አርብቶ አደር ወይም ከፊል አርብቶ አደር የገጠር መሬት የመጠቀም መብት በስጦታ ማስተላለፍ የሚችለው፡-

ሀ/ በመሬቱ ገቢ

ለሚተዳደሩልጆቹ፣

ለ/ በቋሚነት ከባለይዞታ

ጋር የሚኖር ገቢ

የሌለው ሌላ ሰው፣

ሐ/ መሬት እና ሌላ ገቢ

የሌላቸው ልጆቹ

እና የልጅ ልጆቹ

ስለመሆናቸው በቀበሌ

አስተዳደር ምክር

ቤት ተረጋግጦ መረጃ

ሲቀርብ ብቻ ይሆናል፡፡

10. Transfer of Rural Land

Holding through Inheritance or Gift.

1. In accordance with article 9 (1) of the proclamation, any person who has got the right to use rural land shall have the right to bequeath his own or common holding to landless members of his family who is living on income generated from the land or has no other means of income and permanently living with the land holder shall get priority for inheritance.

2. In accordance with article 9(5) of the proclamation, a farmer, pastoralist or semi-pastoralist, who has got the right to use the rural land shall have the right to transfer through gift only for:

a) His children whose livelihood is based on that land,

b) A person permanently living with the land holder and has no other means of income,

c) Landlesses of his children and his grandchildren who has no other means of income

Bulchiinsa Gandaatiin mirkanaa'e yoo dhiyaate qofa ta'a.

3. Namnimirgi ittifayyadama lafa baadiyyaa seeraan hayyamameef kamiyyuu lafa baadiyyaa dhaalaan yookiin kennaadhaan argachuuf saalaan gara garumman taasifamuu hin qabu.

4. Akkaataa labsii keewwata 9 keewwata xiqqaa (1) jalatti tumameen namni mirga itti fayyadama lafa baadiyaa dhaaluuf dursa hin qabne oomisha qabeenya dhaabbataa kan akka Buna, Jimaa, Maangoo, Abukaadoo, fi kan kana fakkaatan irraa argamu oomisha waggaa 3 namoota dursa dhaalaa qabiyyee lafaa qaban waliin baasii barbaachisaa ta'e danda'uun oomisha yookiin galii qoodachuu ni danda'a.

5. Keewwata kana keewwata xiqqaa (4) jalatti kan tumame yoo jiraatellee: oomisha waggaa 3 booda mirgi lafichaa fi oomisha qabeenya dhaabbataatti fayyadamu kan nama mirga itti fayyadama qabiyyee lafa baadiyyaa dhaaluuf dursa qabu ta'a.

3) ማንኛውም የገጠር መሬት የመጠቀም መብት በሕግ የሚፈቀድለት ሰው የገጠር መሬት በውርስ ወይም በስጦታ ለማግኘት በጾታ ልዩነት አይደረግበትም፡፡

4) በአዋጅ አንቀጽ 9 ንዑስ አንቀጽ (1) ሥር በተደነገገው መሠረት የገጠር መሬት ለመውረስ ቅድሚያ የማይኖረው ሰው የቋሚ ንብረት ምርት እንደ ቡና፣ ጫት፣ ማንጎ፣ አቮካዶ እና የመሳሰሉት የሶስት ዓመት ምርት መሬቱን የመውረስ ቅድሚያ ካላቸው ሰዎች ጋር ለማምረት አስፈላጊ የሆነውን ወጪ በመቻል ምርቱን መካፈል ይችላሉ፤

5) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 4 የተደነገገ ቢኖርም ከሶስት ዓመት በኋላ በመሬቱ እና ቋሚ ንብረት ምርት መጠቀም የሚችለው ይዞታውን ለመውረስ የቅድሚያ መብት ያለው ሰው ነው፤

and only where this is approved by the kebele administrative council and evidence is available
3.Any person who is permitted to use rural land by law shall have the right to get land in gift or inheritance without any sexual discrimination.
4. In accordance with article 9(1) of the proclamation , any person who has no priority to inherit the rural land use right shall have the right to share the product of permanent properties of three years like, coffee, mango ,avocado etc, with those who have got the priority to inherit.
5.Notwithstanding this article sub-article 4, after three years the heirs who have got priority of inheritance shall have the right to use the product of the permanent property.

6. Akkaataa labsii keewwata
 9 keewwata xiqqaa (2)
 jalatti tumameen dhaaltoota
 galii qabiyyee lafa san irraa
 argamuun jiraatan yookiin
 galii biraa hin qabne kan
 hin jirre yoo ta'e, qabeenya
 dhaabbataa kan akka Buna,
 Jimaa, Maangoo, Abukaadoo
 fi kan kana fakkaatan
 dhaaluun akkaataa seera
 dhaalaatiin kan murtaa'u
 ta'a.

7. Qabeenya dhaabbataa
 qabiyyee lafa baadiyyaa
 irratti horatame abbaan
 qabiyyee miseensa maatii
 isaatiif kennaadhaan
 dabarsuu ni danda'a.

8. Namni qabiyyee lafa
 baadiyyaa kan midhaan
 nyaataaf heektaara 0.5,
 biqiltuu dhaabbataaf
 heektaara 0.25 kan jallisiin
 misoomu heektaara 0.25 fi
 isaa gadi qabu kennaadhaan
 dabarsuuf qabiyyicha addaan
 qooduun hin danda'u.

9. Lafa Misooma qonnaa
 hammayyaa kan akka horsiisa
 lukkuu ,horii aanaanii,horii
 furdisuu fi kan kana
 fakkaataniif oolu bal'inna
 lafaa kennaan dabrsuun
 danda'amu ilaalchisee
 qajeelafama Biiron bahuun
 kan murtaa'u ta'a.

6) በአዋጁ አንቀጽ 9 ንዑስ
 አንቀጽ (2) በተደነገገው
 መሠረት ከመሬቱ
 በሚገኝ ገቢ የሚተዳደሩ
 ወራሾች ወይም ሌላ ገቢ
 የሌላቸው የማይኖሩ ከሆነ
 ቋሚ ሰብል እንደ ቡና፣
 ጫት፣ ማንጉ፣ አሾካዶ እና
 የመሳሰሉት ባለ ይዞታው
 ላሉት የቤተሰብ አባላት
 በውርስ ሕግ መሠረት
 የሚወሰን ይሆናል።

7) የመሬት ይዞታ ባለቤት
 በይዞታው ላይ ያፈራውን
 ቋሚ ንብረት ለቤተ
 ሰቡ አባላት ከይዞታው
 ጋር በስጦታ ማስተ
 ላለፍ ይችላል።

8) የገጠር መሬት ለምግብ
 እህል ግማሽ ሄክታርን
 ለቋሚ ሰብል ሩብ ሄክታርን
 በመስኖ የሚለማ ሩብ
 ሄክታር እና ከዚያ በታች
 ያለው ሰው ለቤተሰቡ አባላት
 ወይም መሬት ለሌላቸው
 ለልጅ ልጆቹ በስጦታ
 ለማስተላለፍ ይዞታውን
 ማከፋፈል የለበትም።

9) የዘመናዊ ግብርና
 ልማት እንደ ዶር ዕርባታ፣
 የወተት እንስሳት፣ ድለባ
 እና የመሳሰሉት የሚውል
 የመሬት ስፋት በስጦታ
 ማስተላለፍ የሚቻልበትን
 ሁኔታን በሚመለከት ቢሮው
 በሚያወጣው መመሪያ
 የሚወሰን ይሆናል።

6. In accordance with article
 9(2) of the proclamation, in
 the absence of heirs with no
 other means of sources of
 income, the inheritance of
 permanent properties like
 coffee, chat, mango avocado
 etc, shall be according
 to the inheritance law.

7. A land holder who has
 got rural land use right
 shall have the right to
 transfer any properties
 produced on that land to
 his family members by gift.

8. Any person who has
 got rura land less than 0.5
 hectare for crops, 0.25
 hectar for permanent crops
 and 0.25 hectar irrigable
 lands shall have no right
 to redistribute the holding
 while transfer by gift to his
 family or landless children.

9. The size of holding to be
 transferred by gift for
 the modern agricultural
 development such as poultry,
 dairy, fattening and others
 shall be decided by the
 directive issued by the Bureau.

10. Akkaataa labsii keewwata 9 keewwata xiqqaa (2) jalatti tumameen qabiyyicha namoota mirga dhaalaatiin dursa qabaniif gaheen nama tokkoo lafa midhaanii heektaara tokko, lafa jallisii heektaara 0.25 fi qabeenya dhaabbataa heektaara 0.25 kan hin caalle kennameefii kan hafu irratti miseensa maatii biraa waliin mirgi dhaalaa ni eeggamaaf. Raawwiin isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

11. Qabeenya lafa gubbaatti horatame yookiin qabiyyee lafa waljijjiiruu

1. Qonnaan Bulaa, gamisa Horsiisee Bulaa yookiin Horsiisee Bulaan qabeenya qonnaa qabiyyee lafa isaa irratti horate qabeenya qonnaa lafa biraa irra jiru nama biraa waliin waljijjiiruu ni danda'a

2. Akkaataa labsii keewwata 8 jalatti tumameen qonnaa hammayyaatiif yookiin ooyiruu fageenya irra jiru naannoo tokkotti fiduuf abbootiin qabiyyee ooyiruu isaanii waljijjiiruu ni danda'u. Raawwiin isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

10) በአዋጅ አንቀጽ 9 ንዑስ አንቀጽ (2) በተደነገገው መሠረት ይዞታን ለመውረስ ቅድሚያ መብት ላላቸው ሰዎች የአንድ ሰው ድርሻ ለምግብ እህል አንድ ሄክታርን የመስኖ ወይም የቋሚ ሰብል መሬት እስከ ሩብ ሄክታር ተሰጥቷቸው የሚቀረውን መሬት ሌሎች የቤተሰብ አባላት የመውረስ መብት ይኖራቸዋል። አፈጻጸሙ በሚወጣው መመሪያ የሚወሰን ይሆናል፤

11.በመሬት ላይ ያፈራውን ንብረት ወይም ይዞታን መለዋወጥ

1) አርሶ አደርን አርብቶ አደር ወይም ከፊል አርብቶ አደር በመሬት ይዞታው ላይ ያፈራውን ንብረት ከሌላ የገጠር ባለይዞታ ጋር ወይም በይዞታው ላይ ያፈራውን ምርት ከሌላ ምርት ጋር መለዋወጥ ይችላል፤

2) በአዋጁ አንቀጽ 8 ሥር የተደነገገው ለዘመናዊ እርሻ ወይም ርቀት ላይ ያለውን ማሳ ወደ አንድ አካባቢ ለማምጣት ባለይዞታዎች ማሳቸውን መቀያየር ይችላሉ። አፈጻጸሙ በሚወጣ መመሪያ ይወሰናል።

10. In accordance with article 9 (2) of the proclamation, the holding shall be given to the heirs who have priority shall be given up to 1 hectare for crops, irrigable or 0.25 hectare for permanent crops and irrigable land for one person and the remaining shall be given to the heirs who have the right to inherit. The details shall be decided in directive issued by Bureau.

11. Exchange of Land Holding or Production on the Holding

1) Farmer or pastoralist or semi-pastoralist shall have the right to exchange his rural land holdings or production from that holding with other individual.

2) In accordance with article 8 of the Proclamation rural land holders shall have the right to exchange their holdings by consolidating for modern agriculture or to make the farms adjacent. The details shall be issued in directive.

12. Lafa Baadiyyaa Tajaajila

Hawaasaatiif Oolchuu

1. Akkaataa labsii keewwata 13 keewwata xiqqaa (1) fi (2) jalatti tumameen ummanni lafa iddoo tajaajila hawaasummaa kan akka gabaa, bakka amantaa, bakka awwaalaa fi kan kana fakkaataniif oolu argachuu ni danda'a,
2. Abbaan qabiyyee lafa ummanni tajaajila h a w a a s u m m a a t i i f barbaadu irra jiraatu faayidaa qabiyyicha irraa argatu akaakuun yookiin maallaqaan uummataan yookiin Mootummaan tilmaama qabeenyichaa akkaata seera kaffaltii beeyaatiin kan kaffalamuuf ta'a,
3. Lafa tajaajila hawaasummaatiif Bulchiinsa Gandaatiin gaafatame Waajjiraan qoratamee mana maree Bulchiinsa Aanaatiif dhiyaatee kan murtaa'u ta'a,
4. Lafti baadiyyaa tajaajila h a w a a s u m m a a t i i f oolu maqaa abbaa hayyamameetiin safaramee galmaa'ee Bulchiinsi Gandaa ni bulcha.
5. Lafa baadiyyaa keessatti lafa tajaajila hawaasummaatiif akka oolu murtaa'e keessaa qabiyyee lafa dhuunfaa kan ta'e kan akka mana jireenyaa, daldalaa fi kan kana fakkaatan safaramee galmaa'ee waraqaan ragaa dhuunfaadhaan ni kennama.

12.የገጠር መሬት ለማህበራዊ

አገልግሎት ማዋል

- 1) በአዋጅ አንቀጽ 13 ንዑስ አንቀጽ (1 እና 2) ሥር በተደነገገው መሠረት ሕብረተሰቡ ለማህበራዊ አገልግሎት የሚውል እንደ ገበያን ለዕምነት፣ ለመቃብር እና ለመሳሰሉት አገልግሎቶች የሚውል መሬት ማግኘት ይችላል፤
- 2) ለማህበራዊ አገልግሎት የሚፈለገውን መሬት ለሚለቅ ባለይዞታ ከመሬቱ ያገኘ የነበረው ጥቅም ተገምቶ በዓይነት ወይም በገንዘብ በማህበረሰቡ ወይም በመንግሥት በካሳ ሕግ መሠረት የሚከፈለው ይሆናል፤
- 3) ለማህበራዊ አገልግሎት የሚውል መሬት ጥያቄ በቀበሌ አስተዳደር ተጠይቆ በጽሁፈት ቤቱ ተጠንቶ ለወረዳ አስተዳደር ምክር ቤት በማቅረብ የሚወሰን ይሆናል፤
- 4) ለማህበራዊ አገልግሎት የሚውል መሬት በቀበሌ አስተዳደር ሥር ሆኖ በባለይዞታው ስም ተመዝግቦ የሚተዳደር ነው፡፡
- 5) ለማህበራዊ አገልግሎት እንዲውል የተወሰነ መሬት ውስጥ የግል ይዞታ እንደ መኖሪያ ቤትን ንግድ ቤትና የመሳሰሉት የሚገኝ ከሆነ ይዞታው ተመዝግቦና ተለክቶ ለባለይዞታው የይዞታ ማረጋገጫ የምስክር ወረቀት በግል ይሰጠዋል፡፡

12.Utilization of Rural Land for Social Services.

1. In accordance with article 13 (land 2) of the Proclamation, the community shall have the right to get land for social services like market places, relegous place, graveyard and etc.
2. The land holder whose holding is taken for the purpose of social services shall be compensated according to compensation law, for the properties he owned on that land in cash or in kind by the community or by government.
3. The rural land requested for social services by kebele administration, studed by the Office and approved by Woreda Administrattive C o u n c e l .
4. The rural land taken for social services shall be surveyed and registered by the name of the bearer and shall be administered by the Kebele administration.
5. The private properties like, residential premises, and commercial entities etc that located in the rural land determined for social purposes shall be measured, registered and the owner is given certificate individually

Kutaa Sadii

Qabiyyee lafa baadiyyaa galmeessuu, qawwisuu fi mirga ittifayyadamaa mirkaneessuu

13. Qabiyyee lafaa galmeessuu fi ragaa qopheessuu

1. Qabiyyeen lafaa galmaa'u maqaa abbaa qabiyyee, baraa fi haala argannaa, bal'ina, daangessitoota, hanga danda'ameen gabbina lafaa, ittifayyadamaa fi ragaa kan kana fakkaatan kan qabatu ta'ee, ragaan galmee irratti kan guutamu ta'a.
2. Ragaan lafaa galmaa'ee Bulchiinsa Ganda Baadiyyaa fi Waajjira biratti sirnaan qabamuu qaba.
3. Sirni qabiinsa ragaa lafaa Biiron qophaa'ee hojii irra kan oolu ta'a.
4. Sababa jijjiirama abbummaa qabiyyee lafaatiin ragaan lafa baadiyyaa galmaa'e yeroo yeroon kan haaromsamu ta'a.
5. Namni mirga ittifayyadama qabiyyee lafa baadiyyaa qabu ragaa qabiyyee isaa galmaa'ee jiru argachuu yookiin beekuuf mirga qaba.
6. Namni ragaa dogongoraa galmeesse yookiin yookiin ragaa qophaa'e balleessee argame seeraan kan gaafatamu ta'a.

14. Qawwisa Lafa Baadiyyaa

1. Qabiyyee lafa baadiyyaa kan dhuunfaa, kan waliinii, kan dhaabbilee misoomaa, kan Hawaasaa fi kan Mootummaa qawwisamee ragaan ni qophaa'a.
2. Lafa galmaa'ee qawwisame koodiin addaa ni kennama, mallattoon daangaa agarsiisu ni kaawwama.
3. Yeroo Lafti galmaa'e qawwisamuabbaan qabiyyee fi hanga danda'ameen

ክፍል ሶስት

የገጠር መሬት ይዘታ መመዘገብ፣ መለካትና የመጠቀም መብት ማረጋገጥ

13. የመሬት ይዘታ መመዘገብና መረጃ ማዘጋጀት

1. የሚመዘገብ የመሬት ይዘታ የባለይዘታው ስምን የተመዘገበበት ዘመንን እንዴት እንዳገኘ የመሬቱ ስፋትን አዋሳኞችና በተቻለ መጠን የመሬቱ ለምነትን አጠቃቀም እና የመሳሰሉት የሚይዝ ሆኖ መረጃው በመዘገብ ላይ የሚሞላ ይሆናል።
2. የተመዘገበ መሬት መረጃ በቀበሌ አስተዳደርና በጽሕፈት ቤት በአግባቡ መቀመጥ አለበት።
3. የመሬት መረጃ አያያዝ ሥርዓት በቢሮ ተዘጋጅቶ ተግባራዊ ይሆናል።
4. የተመዘገበ የገጠር መሬት መረጃ በባለይዘታዎች በመለዋወጥ ምክንያት በየጊዜው የሚታደስ ይሆናል።
5. የገጠር መሬት የመጠቀም መብት ያለው ሰው የተመዘገበ የመሬት ይዘታውን መረጃ የማግኘት ወይም የማወቅ መብት አለው።
6. የተሰጠው መረጃ የመዘገበ ወይም የተዘጋጀን መረጃ ያበላሽ ሰው በሕግ የሚጠየቅ ይሆናል።

14. የገጠር መሬት ቅየሳ

- 1) የግል፣ የወል፣ የልማት፣ የማህበራዊ አገልግሎት፣ የመንግሥት ይዘታ ተቀይሶ መረጃው ይዘጋጃል።
- 2) ለተመዘገበና ለተቀየሰ መሬት የተለየ ኮድ ይሰጣል። ድንበሩን የሚያሳይ ምልክት ይደረጋል።
- 3) መሬቱ በሚቀየሰበት ጊዜ

Parte Three

Register, Surveyed and Assure the Useing Right of Rural Land Holding

13. Rural Land Registration and Certificate Preparation.

- 1) Land to be registered shall bear the name of the holder, year and type of acquisition, area, names of boundary land holder, fertility of the land, use and other related information shall be registered on books of registration.
- 2) The registered data shall be kept at kebele administration and the Office.
- 3) The handling of the data system shall be prepared by the Bureau and implimented.
- 4) The registered rural land record shall be subjected to update depending on the change of the holders from time to time.
- 5) Any person who has got the right to use rural land shall have the right to get or to know his holding record.
- 6) Any individual who recorded false information or lost records shall be liable by law.

14. Rural Land Surveying.

1. The rural land holding shall be surveyed and prepared according to its use such as private, community service, organization, development and government
2. The regestered and surveyed land shall be given a unique code. Its boundaries' are marked out.
3. Surveying of land shall be in presence of the landholder and

daangessitoonni akka argaman ni taasifama. Daangessitoonni akka argaman waamichi dabreefi kan hin argamne yoo ta'e qawwisuun lafaa kan raawwatamu ta'a.

- 4. Namni hojii lafa safaruu irratti ittigaafatumummaa qabu haala seera qabeessa ta'een raawwachuuf dirqama qaba.
- 5. Lafa qawwisuu ilaalchisee namni komii qabu iyyata Waajjiratti dhiyeessuudhaan irra deebi'amee akka qawwisamu gaafachuu ni danda'a.
- 6. Abbummaan qabiyyee lafaa dhaalaan, kennaadhaan fi kan kan fakkaataniin kan jijjiiramu yoo ta'e, akka barbaachisummaa isaatti lafichi irra deebi'amee akka qawwisamu taasisuun ni dandaa'ama.
- 7. Haala adda ta'een akka turu kan murtaa'e yoo ta'e malee, namni kamiyyuu qabiyyee lafa isaa galmessisuu fi qawwisuuf dirqama qaba.

15. Waraqaa ragaa abbummaa qabiyyee lafaa mirkaneessu kennuu

- 1. Biironqabiyyeedhuunfaa lafa baadiyyaa kan akka lafa qonnaa, lafa dheedichaa, lafa manaa, lafa bosona dhuunfaa fi kan kana fakkaata n maqaa nama mirga itti fayyadamaa qabuun galmeessee qawwisuudhaan waraqaa ragaa ni kenna.
- 2. Waraqaan ragaa kennamu maqaa abbaa qabiyyee, koodii qabiyyee, daangeestoota fi bal'ina lafaa kan qabatuu ta'a.
- 3. Dhaabbilee Mootummaa, M i t i - m o o t u m m a a ,

ባለይዘታውና ቢቻል አዋሳኞቹ እንዲገኙ ይደረጋል። አዋሳኞቹ እንዲገኙ ጥሪ ደርሶአቸው ያልተገኙ ከሆነ መቀየሱ የሚከናወን ይሆናል፤

- 4) መሬት የመለካት ኃላፊነት የተሰጠው ሰው ሕጋዊ በሆነ አሠራር ለመፈጸም ግዴታ አለበት፤
- 5) የተቀየሰውን መሬት በሚመለከት ቅሬታ ያለው ባለይዘታ አቤቱታውን ለጽሕፈት ቤት በማቅረብ መሬቱ በድጋሚ እንዲቀየስ ማድረግ ይችላል፤
- 6) የመሬት ባለይዘታነት በውርስ፣ በስጦታ እና በመሳሰሉት የሚለወጥ ከሆነ መሬቱን እንደአስፈላጊነቱ በድጋሚ መቀየስ ይችላል።
- 7) በልዩ ሁኔታ መለካቱ እንዲቆይ ካልተወሰነ በስተቀር ማንኛውም ሰው የመሬት ይዘታውን ለማስመዘገብ እና ለማስቀየስ ግዴታ አለበት።

15. የይዘታ ባለቤትነት ማረጋገጫ የምስክር ወረቀት መስጠት

- 1. ቢሮው የግል ይዘታ የሆኑ እንደ የእርሻ ማሳ፣ የግጦሽ፣ የግል ቤት፣ የግል ደንና የመሳሰሉትን መሬት የመጠቀም መብት ባለው ሰው ስም ተመዝግቦ እና ተቀይሶ የይዘታ ማረጋገጫ የምስክር ወረቀት ይሰጣል፤
- 2. የሚሰጠው የምስክር ወረቀት የባለይዘታ ስም፣ የይዘታ ኮድ፣ አዋሳኞች እና የመሬት ስፋትን የሚይዝ ይሆናል፤
- 3. መንግሥታዊ ድርጅቶች፣ መንግሥታዊ ያልሆኑ ድርጅቶችና ባለሀብቶች፤

his neighbors land holder possibly. Where the neighbors fail to appear after summon has given out, surveying shall be done in their absence.

- 4. Any person who has responsibility for land surveying shall have an obligation to undertake it lawfully.
- 5. Any person who has grievance regarding the survey result may submit petition to the Office for reresurveying.
- 6. Where the land holding title is subjected to change due to inheritance, gift and etc the land may be resurveyed as it found necessary.
- 7. Unless otherwise, determined by special condition to be delayed, any rural land holder has an obligation to make his holding to be surveyed.

15. Issuance of Land Holding Certificate

- 1. The Bureau shall provide a holding certificate for private land holding such as farming land, grazing land, residential areas, wood lots and etc, upon registration and survey.
- 2. The holding certificate which to be issued shall contain the name of the owner, unique code of the holding, the boundaries and the areas of the land.
- 3. Governmental Organizations, Non Governmental, Organizations, Private

Abbootii qabeenyaa,
Dhaabbileen Hawaasaa
fi kan kana fakkaatan
qabiyyeen lafa isaanii
galmaa'ee waraqaan
ragaa ni kennamaaf.

4. Waraqaan ragaa sadarkaa tokkoffaa dhawaataan waraqaan ragaa sadarkaa lamaffaatiin kan bakka bu'u ta'a,
5. Namni waraqaan ragaa sadarkaa lamaffaa argate kamiyyuu mirga abbaa qabiyummaa isaa kabachiisuu kan danda'u warqaan ragaa sadarkaa lamaffaa kenneef yoo dhiyyeefate qofa ta'a
6. Namni qabiyyee lafa baadiyyaa bakka adda addaati qabu waraqaan ragaa tokkoo fi isaa ol qabaachuu ni danda'a. Raawwiin isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.
7. Qabiyyeen waliinii Horsiisee Bulaa, gamiisa Horsiisee Bulaa yookiin Qonnaan Bulaa kan akka lafa dheedichaa, lafa bosonaa, bishaanii kan akka madda, eela, haroo fi kan kana fakkaatan maqaa namoota waliin itti fayyadamaniiitiin waraqaan ragaa qabiyyee lafaa ni kennama.
8. Keewwata kana keewwata xiqqaa (7) jalatti kan tumame akkuma eeggametti ta'ee; waraqaan ragaa qabiyyee lafa waliinii bakka bu'aa abbootiin qabiyyee filatan yookiin Bulchiinsa Gandaa harkaakkaa'unitaasifama.
9. Mirgi itti fayyadamaa lafa baadiyyaa dhaalaan yookiin kennaadhaan nama biraatiif yoo dabru waajjira biratti galmaa'ee waraqaan ragaa nama qabiyyee lafaa dabarfameef ni kennama.
10. Qabiyyee lafa baadiyyaa

ማሀበራዊ ድርጅቶች እና የመሳሰሉት የመሬት ይዞታቸው ተመዝግቦ የይዞታ ማረጋገጫ የምስክር ወረቀት ይሰጣቸዋል፤

4. የመጀመሪያ ደረጃ የምስክር ወረቀት በየደረጃው በሁለተኛ ደረጃ የምስክር ወረቀት የሚተካ ይሆናል፤
5. ማንኛውም የ2ኛ ደረጃ የምስክር ወረቀት ያገኘ ሰው የባለይዞታነት መብት ማስከበር የሚችለው የ2ኛ ደረጃ የምስክር ወረቀት ሲያቀርብ ብቻ ነው፤
6. በተለያዩ ቦታ የገጠር መሬት ይዞታ ያለው ሰው አንድ እና ከዚያ በላይ የምስክር ወረቀት ሊኖረው ይችላል፤ አፈጻጸሙ በሚወጣ መመሪያ የሚወሰን ይሆናል፤
7. የወል የሆነ የአርብቶ አደርን ከፊል አርብቶ አደር ወይም አርሶ አደር ይዞታ እንደ ግጦሽን ደንን ምንጭ ውሃን የጉድጓድ ውሀን ኩራ እና የመሳሰሉት መሬት በጋራ በሚጠቀሙ ሰዎች ስም የይዞታ ማረጋገጫ ምስክር ወረቀት ይሰጣል፤
8. በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 7 የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ በወል መሬት ላይ የሚሰጥ የምስክር ወረቀት ባለይዞታዎች በመረጡት ተወካይ ወይም በቀበሌ አስተዳደር ዘንድ እንዲቀመጥ ይደረጋል፤
9. የገጠር መሬት የመጠቀም መብት ያለው ሰው በውርስ ወይም በስጦታ ለሌላ ሰው ሲተላለፍ በጽሕፈት ቤቱ ተመዝግቦ የመሬት ይዞታው ለተላለፈለት ሰው የምስክር ወረቀት ይሰጠዋል፤
10. የገጠር መሬት

Investors, Civic Organizations and etc shall be given land holding certificates up on registration of their land holding.

4. The 1st level certificate shall be replaced by 2nd level certificate from time to time.
5. Any land holder who has been given 2nd level certificate shall be legal owner up on available the 2nd level certificate.
6. Any person who has got rural land holding from several places shall get more than one holding certificate. Its execution shall be decided by directive issued.
7. The common holdings of pastoralists , semi-pastoralists or farmers, like grazing land, forest, water points such as spring , well, ponds and etc, shall be certified by the name of the users.
8. Without prejudice to sub-article (7) of this article, certificate of common holding shall be kept with the representatives of the users or kebele administration.
9. The transfer of rural land use right by inheritance or gift to another shall be registered by the Office and certified by the name of the person to whom the right to use of land is transferred.

gaheen nama tokkoo bal'ina lafa midhaan nyaataa heektaara 0.5 lafa biqiltuu dhaabbataa heektaara 0.25, lafa jallisiin misoomu heektaara 0.25 fi isaa gadi yoo ta'e qabiyyicha addaan qooduudhaan waraqaa ragaa kennuun dhorkaadha.

- 11. Abbaa Warraa fi Haadha Warraa qabiyyee lafa baadiyyaa waliin qaban waraqaan ragaa waliinii ni kennamaaf.
- 12. Abbaan Warraa yookiin Haati Warraa yoo du'an waraqaan ragaa lamaan keessaa kan jiranii fi dhaaltotaan qabamee kan itti fufu yoo ta'u lamaan isaanii yoo du'an qabiyyichi maqaa dhaaltotaatiin waliin yookiin dhuunfaa isaaniitiin waraqaanragaanikennamaaf
- 13. Abbaa warraa fi haati warraa addaan yoo bahan bal'ina qabiyyee namni tokkoo qoodaan argatu kan midhaan nyaataa heektaara 0.5, kan biqiltuu dhaabbataa hektaara 0.25, kan jallisiin misoomu heektaara 0.25 fi isaa ol yoo ta'e waraqaan ragaa waliin kennameef jijjiiramee dhuunfaa isaaniitiin waraqaan ragaa qabiyyee ni kennamaaf.
- 14. Namoonni qabiyyee lafaa waliin qaban waliigalteedhaan yoo addaan qoodatan gaheen nama tokkoo lafa midhaan nyaataa heektara 0.5, lafa biqiltuu dhaabbataa heektaara 0.25, lafa jallisiin misoomu heektaara 0.25, fi isaa ol yoo ta'e waraqaan ragaa waliin kennameef jijjiiramee dhuunfaa isaaniitiin akka argatan ni taasifama.

ይዞታ የአንድ ሰው ድርሻ ለምግብ ሰብል ግማሽ (0.5) ሄክታርን ለቋሚ ተክል ሩብ (0.25) ሄክታር ለመስኖ ልማት ሩብ (0.25) ሄክታርን እና ከዚያ በታች ከሆነ ይዞታው በመከፋፈል የምስክር ወረቀት መስጠት የተከለከለ ነው።

- 11. ባልና ሚስት በጋራ ያላቸው የገጠር መሬት ይዞታ የጋራ የምስክር ወረቀት ይሰጣቸዋል።
- 12. አባወራ ወይም እማወራ ከሞቱ የምስክር ወረቀት ባሉት ከሁለቱ አንዱ ወይም በወራሾች ተይዞ የሚቀመጥ ሲሆን፣ ሁለቱም ከሞቱ ይዞታው በወራሾች ስም በጋራ ወይም በግላቸው የምስክር ወረቀት ይሰጣቸዋል።
- 13. ባልና ሚስት ሲለያዩ ተከፍሎ የሚገኝ የአንድ ሰው የመሬት ይዞታ ድርሻ ምግብ ሰብል 0.5 ሄክታር፣ ለቋሚ ተክል 0.25 ሄክታር፣ በመስኖ የሚለማ 0.25 ሄክታር እና ከዚያ በላይ ከሆነ በጋራ የተሰጣቸው የምስክር ወረቀት ተቀይሮ በግላቸው ይሰጣቸዋል።
- 14. በወል የመሬት ይዞታ ያላቸው ሰዎች በስምምነቱ ሲለያዩ ተከፍሎ የአንድ ሰው ድርሻ ለምግብ ሰብል 0.5 ሄክታር፣ ለቋሚ ተክል 0.25 ሄክታር፣ ለመስኖ መሬት 0.25 ሄክታር እና ከዚያ በላይ ከሆነ በወል የተሰጣቸው የምስክር ወረቀት ተቀይሮ በግላቸው እንዲያገኙ ይደረጋል።

- 10. The rural land holding less than 0.5 hectare for cereal crops, 0.25 hectare for permanent crops and 0.25 hectare irrigable land shall not be certified trough dividing the land holding.
- 11. Husband and wife shall be given commen certificate of land holding for their common holdings.
- 12. Where the husband or the wife is deceased the validity of the holding certificate shall be maintained for the one who is alive and where both are died the holding certificate shall be given in the name of the heirs individually or in common.
- 13. In the case of divorce where the share of one party is greater than 0.5 hectare for cereal crops, 0.25 hectare for permanent crops and 0.25 hectare for irrigation land the holding certificate given in common shall be changed and given for each of them.
- 14. Where a common holding is shared among holders upon an agreement, and the share of one person is greater than 0.5 hectare for cereal crops, 0.25 hectare for permanent crops and 0.25 hectare for irrigation the previous common certificate shall be changed and given for each of them.

15. Namoonni qabiyyee lafa baadiyyaa waliin qaban waraqaan ragaa qabiyyee lafaa waliin ni kennamaaf.

16. Namoonni waraqaan ragaa waliin kennameef mirga ittifayyadama qabiyyee lafaa wal-qixa ta'e ni qabaatu.

17. Namoonni jireenyi isaanii waliin ta'e, qabiyyee lafa baadiyyaa addaan kan qabaatan yoo ta'e waraqaa ragaa dhuunfaadhaan argachuu ni danda'u.

18. Lafa baadiyyaa dhaalaan yookiin kennaadhaan yookiin mootummaa irraa namni argate lafti qawwisamee erga galmaa'ee booda waraqaan ragaa ni kennamaaf.

19. Namni qabeenya dhaabbataa kan akka Bunaa, Shankoraa, Maangoo, Avokaadoo fi kan kana fakkaatan akkasumas lafa dheedichaa bosona uumamaa keessaa qabu qoratamee haalli waraqaa ragaa itti argachuu danda'uu fi bosonni itti eeggamuu danda'u ni mija'a. Raawwiin isaa qajeelfamaa bahuun kan murtaa'u ta'a.

20. Namni yeroo dheeraaf jireenyi isaa lafa tabbaa, gaara yookiin lafa bosonaa keessa qonnaan yookiin horsiisaan jiraatu qoratamee haala lafichi itti eeggamuu fi kunuunfamuu waliigaltee taasisuudhaan waraqaa ragaa qabiyyee lafaa akka argatu ni taasifama. Raawwiin isaa qajeelfamaa bahuun kan murtaa'u ta'a.

21. Lafa gaaraa, tabbaa fi tulluuwwan qoratamee misoomaaf kennamu waggaa lamaaf kan tajaajilu waraqaan ragaa

15. የገጠር የመሬት ይዘታቸው የጋራ የሆኑ ሰዎች የጋራ የይዘታ ማረጋገጫ የምስክር ወረቀት ይሰጣቸዋል፤

16. በጋራ የምስክር ወረቀት የተሰጣቸው ሰዎች በመሬት ይዘታው እኩል የሆነ የመሬት ይዘታ የመጠቀም መብት ይኖራቸዋል፤

17. ኑሮአቸው በጋራ ሆኖ የራሳቸው የሆነ የመሬት ይዘታ ያላቸው ሰዎች በግላቸው የይዘታ ማረጋገጫ የምስክር ወረቀት ሊያገኙ ይችላሉ፤

18. በውርስ ወይም በስጦታ ወይም ከመንግሥት የገጠር መሬት ያገኘ ሰው ይዘታው ተቀይሶ ከተመዘገበ በኋላ የይዘታ ማረጋገጫ የምስክር ወረቀት ይሰጠዋል፡፡

19. ቋሚ ንብረት እንደ ቡና፣ ሽንኩራን ማንጎን አቮካዶ እና የመሳሰሉት እንዲሁም የግጦሽ መሬት ይዘታ በተፈጥሮ ደን ውስጥ ያለው ሰው ተጠንቶ የይዘታ ማረጋገጫ የምስክር ወረቀት የሚያገኙበት ሁኔታ ይመቻቻል፤ አፈጻጸሙ በሚወጣ መመሪያ ይወሰናል፤

20. ለረጅም ጊዜ ዳገታማ፣ ተራራማ ወይም ደን ውስጥ በእርሻ ወይም በእንስሳት ዕርባታ የሚኖር ሰው ተጠንቶ መሬቱን ለመንከባከብና ለመጠበቅ ስምምነት በማድረግ የይዘታ ማረጋገጫ የምስክር ወረቀት እንዲያገኝ ይደረጋል፤ አፈጻጸሙ በሚወጣ መመሪያ ይወሰናል፤

21. ተራራማ፣ ዳጋታማ እና ከረብታማ መሬት

15. Persons who have common rural land holding shall be given a holding certificate in common.

16. Persons who have common holding certificate shall have equal rights to use on the land.

17. Persons who live together but each of them have their own land holding may be given individual land holding certificate.

18. Any person who has got rural land in inheritance or by gift or from government shall get certificate of holding upon survey and registration.

19. Any person who has got permanent property such as coffee, sugar can, mango, avocado etc; and grazing land in natural forest shall be studied and the conditions in which certificate of land holding is given and the forest is protected shall be facilitated. The execution shall be decided by directives issued.

20. Any person whose lives has been in mountainous areas or forest lands for a long time in keeping livestock or farming the conditions in which the land is protected shall be studied and cause the land holdind certificate to be given upon an agreement. The execution shall be decided by directives issued

21. For the steep land, hilly and mountainous areas determined for

yeroo kan kennamu ta'ee lafichi misooma ittifufiinsa qabuuf ooluu isaa qoratamee yoo mirkanaa'e waraqaan ragaa qabiyyee lafaa kan kennamuuf ta'a.

22. Lafa haftee bosonaa akka misoomu, eeggamuu fi kunuunfamuu gochuudhaan namoota dhuunfaadhaan yookiin gurmaa'anii laficha kunuunsanii itti fayyadamaniif waraqaan ragaa qabiyyee lafaa kennamuufi ni danda'a.

23. Abbaa mirga ittifayyadama qabiyyee lafaa qabu kamiyyuu qabiyyee isaa galmeessisuu, safarsiisuu fi waraqaan ragaa fudhachuu kan didu yoo ta'ee fi Bulchiinsi Gandaa xalayaa barreeffamaan yeroo sadi akka isa gahu taasifamee kan hin fudhanne ta'uu Waajjiraan yoo mirkanaa'e Mana Maree Bulchiinsa Aanaatiif dhiyaatee mirga ittifayyadama lafa isaa haqamee namoota lafa dhabeeyyii qonnaan yookiin horsiisaan jiraachuu barbaadaniif lafichi kan kennamu ta'a.

16. Kaffaltii tajaajila ragaa lafa baadiyyaa

1. Abbaan qabiyyee kamiyyuu odeeffannoo ragaa qabiyyee lafa isaa argachuuf mirga ni qabaata.

2. Abbaan qabiyyee kamiyyuu lafa seeraan kennameef irratti waraqaan ragaa argachuuf mirga qaba.

3. Namni mirga ittifayyadama lafa baadiyyaa qabu kamiyyuu akkaataa seeraatiin mirga ittifayyadama isaa yoo dabarssuu waraqaan ragaa qabiyyee lafaa isaa haaromsuu, jijjiruu qaba.

4. Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) (2) fi (3) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, abbaan qabiyyee tajaajila argatuuf kaffaltii madaalawaa kan

ተጠንቶ ለልማት ሲሰጥ ለሁለት ዓመት የሚያገለግል ጊዜያዊ የምስክር ወረቀት የሚሰጥ ሆኖ መሬቱ በቀጣይነት ለልማት መዋሉ ተጠንቶ ሲረጋገጥ ቋሚ የምስክር ወረቀት ይሰጣል።

22. ቅሪት ደን እንዲለማ፣ እንዲጠበቅ እና እንክብካቤ እንዲያገኝ ለማድረግ በግል ወይም ተደራጅተው መሬቱን በመንከባከብ ለሚጠቀሙ ሰዎች የምስክር ወረቀት ሲሰጣቸው ይችላል።

23. ማንኛውም የመሬት ይዞታ የመጠቀም መብት ያለው ሰው ይዞታውን ማስመዘገብ፣ ማስለካት እና የምስክር ወረቀት ለመውሰድ ፈቃደኛ ካልሆነ የቀበሌ አስተዳደር ሶስት ጊዜ በጽሑፍ ደብዳቤ እንዲደርሰው ተደርጎ ፈቃደኛ አለመሆኑ በጽሑፊት ቤቱ ከተረጋገጠ ለወረዳ መስተዳድር ምክር ቤት ቀርቦ በመሬት ይዞታው የመጠቀም መብቱ ተሰርዞ መሬት የሌላቸው በእርሻ ወይም በዕርባታ መኖር ለሚፈልጉ ሰዎች እንዲሰጥ ይደረጋል።

16. የገጠር መሬት መረጃ የአገልግሎት ክፍያ

1. ማንኛውም ባለይዞታ ስለመሬት ይዞታው መረጃ የማግኘት መብት አለው።

2. ማንኛውም ባለይዞታ በሕጋዊ መንገድ ባገኘው መሬት ላይ የምስክር ወረቀት የማግኘት መብት አለው።

3. ማንኛውም የገጠር መሬት ባለይዞታ የመጠቀም መብቱን ሲያስተላልፍ የይዞታ ማረጋገጫ የምስክር ወረቀት ማሳደስ እና መቀየር አለበት።

4. በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (1፣ 2 እና 3) ያለው እንደተጠበቀ ሆኖ

development temporary certificate shall be given for two years, and where the land is confirmed being used for sustainable development by study the permanent certificate shall be given.

22. To cuase forste ruminants to be developed, protected and preserved, persons committed individually or in an organized maner to use and preserve the land shall be given holding certificate.

23. Any person who has the right to use rural land shall be deprived of his holding and given to other farmers or pastoralists where he fails to make his holding available for surveying and registration up verifying that notification is given for three times by the Office and this is submitted to Woreda Administrative Council.

16. Rural Land Datas Service Fee

1. Any land holder has the right to get information about his holding.

2. Any land holder has the right to get land holding certificate on his holding.

3. Any rural land holder shall update and change his holding certificate in accordance with the law when he transfer of the use right.

4. Without prejudice to sub-article (1) (2) and (3) of this article, any land holder

kaffalu ta'a. Raawwiin
isaa qajeelfamaan
kan murtaa'u ta'a.

17. Eegumsaa fi qabiinsa ragaa lafaa

- 1. Ragaan qabiyyee lafa baadiyyaa waajjiraa fi gandatti galmee irratti kan galmaa'u ta'a,
- 2. Sirna bulchiinsa ragaa lafa baadiyaa Biirtoon kan qophaa'u ta'a.
- 3. Hojjataan ragaa lafaatiif eegumsaa fi qabiinsa sirrii ta'e raawwachuu dhabuun badii raawwatameef seeraan kan itti gaafatamu ta'a.

18. Waldiddaa fi waldhabiinsi qabiyyee lafaa irratti uummamu hiikuu

- 1. Akkaataa labsii keewwata 16 keewwata xiqqaa (1) jalatti tumameen waldiddaa fi waldhabiinsa daangaa yookiin abbummaa qabiyyee lafaa Qonnaan Bulaa, Horsiisee Bulaa yookiin gamisa Horsiisee Bulaa kan akka ooyiruu, lafa manaa, lafa dheedicha, lafa bishaanii, lafa jallisii fi kan kana fakkaatan ilaalchisee uummamu mana murtii dhaquun dura iyyata bulchiinsa gandaati dhiyaatee jaarsolee araaraa abbootiin dhimmaa filataniin kan ilaallamu ta'a.
- 2. Bulchiinsi Gandaa nama iyyatni irratti dhiyaate guyyaa shan keessatti waamsisuudhaan abbootii dhimmaa lamaan jaarsolee araaraa akka filatan tasisuudhaan dhimmichi jaarsummaan akka ilaallamu ni taasisa.
- 3. Keewwata kana keewwata xiqqaa (2) jalatti kan tumame akkuma eeggametti ta'ee; namni iyyatni irratti

ባለይዘታው ላገኘው
አገልግሎት ተመጣጣኝ
ክፍያ የሚከፍል ይሆናል።
አፈጻጸሙ በመመሪያ
የሚወሰን ይሆናል።

17. የመሬት መረጃ ጥበቃና አያያዝ

- 1) የመሬት ይዘታ መረጃ በጽሑፊት ቤት እና በቀበሌ በመዝገብ ላይ የሚመዘገብ ይሆናል ፤
- 2) የገጠር መሬት የመረጃ አስተዳደር ሥርዓት በቢሮው የሚዘጋጅ ይሆናል፤
- 3) የመሬት መረጃ አስፈላጊ ጥበቃና አያያዝ ባለማድረግ ለደረሰው ጥፋት ሠራተኛው በሕግ ይጠየቃል።

18. በመሬት ይዘታ ላይ የሚከሰት ግጭትና አለመግባባት አፈታት

- 1) በአዋጅ አንቀጽ 16 ንዑስ አንቀጽ (1) ሥር በተደነገገው መሠረት የድንበር ወይም በመሬት ይዘታ ባለቤትነት ላይ በአርሶ አደርን አርብቶ አደርና ከፊል አርብቶ አደር በእርሻ ማሳ፣ የቤት ቦታ፣ በግጦሽ መሬት፣ በውሀ፣ በመስኖና በመሳሰሉት በሚመለከት የሚፈጠር ግጭትና አለመግባባት ፍርድ ቤት ከመቅረቡ በፊት ለቀበሌ አስተዳደር ማመልከቻ በማቅረብ በባለጉዳዮች በሚመረጡ የዕርቅ ሽማግሌች የሚታይ ይሆናል፤
- 2) የቀበሌ አስተዳደር አቤቱታ የቀረበበትን ሰው በአምስት ቀን ውስጥ በማስጠራት ሁለቱ ባለጉዳዮች የዕርቅ ሽማግሌዎችን እንዲመርጡ በማድረግ ጉዳያቸው በሽምግልና እንዲታይ ያደርጋል፤
- 3) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (2) የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ አቤቱታ የቀረበበት ሰው ጥሪው

shall pay reasonable fee for the services he is obtained. The execution shall be decided by directive.

17. Land Datas Protaction and Keeping

- 1) Rural land holding datas shall be registered on the books of registry at the Office and Kebele administration.
- 2) The rural land datas administration system shall be prepared by the Bureau.
- 3) A person who handle and keep the land datas shall be liable for the fault committed because of improper handling and keeping of datas.

18. Dispute and Conflict Resolution.

- 1. In accordance with article 16 (1) of the Proclamation, any conflicts and misunderstandings occurred on holding boundaries or holding rights of farmers, pastoralists or semipastoralists's farm land, residential area, grazing land, water points, irrigation land and etc, shall be mediated by elders elected by conflicting parties up on petition submitted to kebele administration before leaving to Woreda Court.
- 2. The kebele administration shall summon the sued person within five days and order conflicting parties to elect elders and cuase their cases to be mediated by elected elders.
- 3. Without prejudice to sub-article (2) of this article, where the person

dhiyaate guyyaa waamichi isa dhaqqabe irraa kaasee guyyaa hojii shan keessatti sababa gahaa hin taaneen kan hin dhiyaanne yoo ta'e Bulchiinsi Gandaa jaarsoolee araaraa nama iyyatni irratti dhiyaateen filatamuu qaban filachuudhaan dhimmichi bakka inni hin jirreetti ni ilaalama.

4. Keewwata kana keewwata xiqqaa (3) jalatti kan tumame akkuma eeggametti ta'ee namni iyyanni irratti dhiyaate jaarsoleen araaraa dhimmicha ilaaluu eega jalqabaniibooda guyyaa torba (7) keessatti sababa gahaa yoo dhiheeffate jaarsolee filatee dhimmichi irra deebiin kan ilaalamu ta'a.

5. Bulchiinsi Gandaa guyyaa iyyaticha jaarsoleef qajeelche irraa eegalee guyyaa kudha shan (15) keessatti bu'aa araaraa akka dhiyeessan ni taasisa.

6. Jaarsoleen araaraa abbootii dhimmaa dhimmi isaanii jaarsolee araaraatiin akka ilaalamuuf dhiyaatan karaa aadaatiin dhimmicha qulqulleesanii galmeessanii ni qabatu.

7. Namni iyyatni irratti dhihaate qaamaan kan hin dhiyaanne yoo ta'e ragaawwan iyyataadhaan dhiyaatan bakka namni iyyatni irratti dhihaate hin dhiyaannetti dhimma irratti mari'atame jaarsoleen araaraa galmeessanii ni qabatu

8. Akka barbaachisummaa isaatti jaarsoleen araaraa lafa falmiin irratti ka'e irratti argamuudhaan yaada walitti qabu ni danda'u.

9. Walitti qabaan jaarsolee araaraa yaada walitti

ከደረሰበት ቀን ጀምሮ በአምስት የሥራ ቀናት ውስጥ በቂ ባልሆነ ምክንያት ያልቀረበ ከሆነ የቀበሌ አስተዳደር በእርሱ በኩል የሚመረጡትን ሽማግሌዎች መርጦ እርሱ በሌለበት ጉዳይ እንዲታይ ይደረጋል።

4) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (3) የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ አቤቱታ የቀረበበት ሰው ጉዳይ መታየት ከተጀመረ በኋላ በሰባት (7) ቀናት ውስጥ በቂ ምክንያት ያቀረበ ከሆነ የዕርቅ ሽማግሌዎችን መርጦ ጉዳዩ ተመልሶ የሚታይ ይሆናል።

5) የቀበሌ አስተዳደር አቤቱታውን ለሽማግሌዎች ከመራበት ቀን ጀምሮ በአሥራ አምስት ቀናት ውስጥ የዕርቁን ውጤት እንዲያቀርቡ ያደርጋል።

6) የዕርቅ ሽማግሌች ጉዳዮቸው በሽምግልና እንዲታይላቸው የቀረቡትን ባለጉዳዮች በባህላዊ መንገድ ጉዳዩን አጣርተው መዘግበው ይይዛሉ።

7) አቤቱታታ የቀረበበት ሰው በአካል የማይገኝ ከሆነ በአመልካች የቀረበውን መረጃ አቤቱታ የቀረበበት ሰው በሌለበት የዕርቅ ሽማግሌዎች በጉዳዩ ላይ ውይይት በማድረግ መዘግበው ይይዛሉ።

8) የዕርቅ ሽማግሌዎች እንደ አስፈላጊነቱ ክርክር የተነሳበት መሬት ላይ በመገኘት ሀሳብ መሰብሰብ ይችላሉ።

9) የዕርቅ ሽማግሌዎች ሰብሳቢ የተሰበሰበውን ሀሳብ

against whom the petition has submitted is failed to appear within five days starting from the day when he received without satisfactory reasons, the kebele administration shall elect elders who should be elected by the absentee and cause the case to be mediated by the elected elders in his absence.

4. Without prejudice to sub-article (3) of this article, where the sued person appears within 7 days, starting from the day when the the case has been started to be mediated with satisfactory reason he is given right to elect his side elders and the case shall be remediated by the new elders.

5. The kebele administration shall cause the elders to submit their decitation within 15 days starting from the day when the petition has been directed to them.

6. The elders shall mediate the parties traditionally who submit their cases to be intertained to the elders and keep its records.

7. Where the sued person fails to appear physically the evidence availed by the applicant shall be heard in his absence, and the mediators shall keep the records for decision.

8. As found necessary, the elders may collect all necessary evidences on the spot through physical present at the erea and collect idea.

9. The chairman of the elders shall cause the collected

qabame mariin akka irratti gaggeeffamu ni taasisa.

10. Jaarsoleen araaraa yaada tokko irratti kan waliigalan yoo ta'e yaada irratti walii galame abbootii dhimmaatiif ibsamee akka araaraman ni taasifama. Bulchiinsi Gandaa araara jaarsoleen taasifame guyyaa kudha shan (15) keessatti kan raawwachiisu ta'a.

11. Keewwata kana keewwata xiqqaa (10) jalatti kan tumame akkuma eeggametti ta'ee; jaarsoleen araaraa araarsuu kan hin dandeenye yoo ta'e yaadi isaanii barreeffamaan dhiyaatee Bulchiinsi Gandaa mana murtii Aanaatiif kan erguta'a.

12. Dhaabbilee Mootummaa yookiin dhuunfaa iyyatni irratti dhiyaate dhimmichi jaarsaan akka ilaallamu barreeffamaan waamichi yeroo lama ibsameefii guyyaa xalayaan jalqabaa isaan gahe irraa kaasee guyyaa kudha shan keessatti kan hin dhiyaanne yoo ta'e kunumti ibsamee mana murtii Aanaatti himata dhiyeeffachuu akka danda'u bulchiinsi gandaa abbaa dhimmaatiif xalayaa kan kennu ta'a.

13. Iyyatni dhiyaatu dura taa'aa Bulchiinsa Gandaa irratti yoo ta'e itti aanaa yookiin barreessaa Gandaatiin haalli jaarsolee araaraatiin dhimmichi itti ilaallamuu danda'u ni mijaawa.

14. Bulchiinsi Gandaa iyyata abbaa dhimmaa yeroo murtaa'e keessatti kan hin raawwanne yoo ta'e

ውይይት እንዲደረግበት ያደርጋል፤

10) የዕርቅ ሽማግሌች አንድ ሀሳብ ላይ የሚደርሱ ከሆነ የተስማሙበትን ለባለጉዳዮች ተገልጾ እንዲታረቁ ይደረጋል። የቀበሌ አስተዳደር በሽማግሌዎች የተደረገውን ዕርቅ በአሥራ አምስት ቀን ጊዜ ውስጥ የሚያስፈጽም ይሆናል፤

11) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (10) የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ የዕርቅ ሽማግሌዎች ማስታረቅ ካልቻሉ ሀሳባቸውን በጽሑፍ አቅርበው የቀበሌ አስተዳደር ለወረዳ ፍርድ ቤት የሚልክ ይሆናል፤

12) አቤቱታ የቀረበባቸው የመንግሥት ወይም የግል ድርጅቶች ጉዳዩ በሽማግልና እንዲታይ ሁለት ጊዜ በጽሑፍ ተገልጾላቸው የመጀመሪያ ደብዳቤ ከደረሳቸው ቀን ጀምሮ በአሥራ አምስት ቀን ውስጥ የማይቀርቡ ከሆነ ይኸው ተገልጾ ባለጉዳዩ ለወረዳ ፍርድ ቤት ክስ ማቅረብ እንዲችል የቀበሌ አስተዳደር ለባለጉዳዩ ደብዳቤ ይሰጠዋል፤

13) የሚቀርበው አቤቱታ በቀበሌ አስተዳደር ሊቀመንበር ላይ ከሆነ የቀበሌ ምክትል ሊቀመንበር ወይም ፀሐፊው ጉዳዩ በዕርቅ ሽማግሌዎች እንዲታይ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤

14) የቀበሌ መስተዳድር የባለጉዳዩን አቤቱታ በተወሰነ ጊዜ ውስጥ የማይፈጽም ከሆነ በሕግ ይጠየቃል፤

evidences to be presented for discussion.

10. Where the elders have agreed on the outcomes of the discussion, it shall be informed to the parties and they shall be mediated on the decision The Kebele Administration shall make the decision to be executed within 15 days.

11. Without prejudice to sub-article (10) of this article, where the elders fail to mediate the case they submit their opinion in written and The Kebele Administration shall send it to The Woreda Court.

12. Where petition has been against the government or private organization and it is informed twice in writing that the case shall be seen by the elders and it fails to appear within 15 days starting from the day when first letter has been received by it and the kebele administration shall give letter to petitioner by pointing out the case to the court.

13. Where petition is submitted against the chairman of the kebele administration the deputy chairman or the secretary of the kebele administration shall facilitate conditions in which the case shall be seen by the mediation.

14. The kebele administration shall be responsible where the petition of the customer failed to be seen and executed

seeraan kan gaafatamu ta'a.

Kutaa Afur

Lafa Kunuunsuu fi Eeguu

19. Karoora ittifayyadama lafa baadiyyaa qopheessuu

1. Biiron guddina hawaas-dinagdee, haala qabeenya uummamaa, ittifayyadama yeroo ammaa jiruu fi kan kana fakkaatan bu'uura kan godhate qorannaa gaggeessudhaan karoora ittifayyadama lafa baadiyyaa misooma sululaa irratti hundaa'e hirmaannaa ummataatiin sadarkaa hundatti ni qopheessa.
2. Karoorri ittifayyadama lafa baadiyyaa qoratamee qophaa'u qaama Mootummaa sadarkaa sadarkaan jiraniin kan mirkanaa'u ta'a.
3. Hojii lafa baadiyyaa irratti gaggeeffamu kamiyyuu akkaataa karoora ittifayyadama lafa baadiyyaa qoratamee qophaa'u irratti hundaa'ee kan raawwatamu ta'a.
4. Ragaan karoora itti fayyadama lafa baadiyyaa Biiron qophaa'ee itti fayyadamtootaaf ni kennama.
5. Misoomni kamiyyuu akkaataa karoora ittifayyadama lafaatiin akka raawwatamu hojii hordoffii fi to'annaa kan gaggeefamu ta'a.

20. Lafa qotamu kunuunsuu

1. Lafa baadiyyaa qonnaaf oolu heeyyamaan ala ibiddaan gubuun dhorkaadha. Raawiin isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.
2. Namni mirga ittifayyadama lafa baadiyyaa qabu kamiyyuu lafa

ክፍል አራት

መሬት መንከባከብና መጠበቅ

19. የገጠር መሬት አጠቃቀም

ዕቅድ ማዘጋጀት

- 1) ኢኮኖሚያዊና ማህበራዊ ዕድገትን የተፈጥሮ ሀብት ሁኔታንና የወቅቱን የመሬት አጠቃቀም ሁኔታና የመሳሰሉትን መሠረት በማድረግ ጥናት በማካሄድ በሁሉም ደረጃ የተፋሰስ ልማትን መሠረት ያደረገ የመሬት አጠቃቀም ዕቅድ በሕዝብ ተሳትፎ በቢሮ ይዘጋጃል፤
- 2) የሚዘጋጀው የገጠር መሬት አጠቃቀም ዕቅድ በየደረጃው ባሉት የመንግሥት አካላት የሚረጋገጥ ይሆናል፤
- 3) ማንኛውም በገጠር መሬት ላይ የሚካሄዱ ሥራዎች ተጠንቶ በሚዘጋጁ የመሬት አጠቃቀም ዕቅድ መሠረት የሚፈፀም ይሆናል፤
- 4) የገጠር መሬት አጠቃቀም ዕቅድ መረጃ በቢሮ ተዘጋጅቶ ለተጠቃሚዎች ይሰጣል፤
- 5) ማንኛውም ልማት በመሬት አጠቃቀም ዕቅድ መሠረት እንዲፈጸም የክትትልና የቁጥጥር ሥራ የሚካሄድ ይሆናል።

20. የሚታረክ መሬትን መንከባከብ

- 1) ለእርሻ የሚውል የገጠር መሬት ያለፈቃድ በእሳት ማቃጠል የተከለከለ ነው። አፈጻጸሙ በሚወጣ መመሪያ ይወሰናል፤
- 2) ማንኛውም በገጠር መሬት የመጠቀም መብት ያለው ሰው መሬቱን ለአፈር መሸርሸር በሚያጋልጥ መልኩ ማረክ የተከለከለ ነው፤

Part Four

19. Conservation and Protection of Land Preparing Use of Rural Land Plan

1. The Bureau shall conduct study and prepare at all level land use planning based on watershed that considering the socio-economic development, the natural resources situation, current land use and etc of the region with full participation of the community.
2. The prepared land use planning shall be confirmed by the government bodies found at all levels.
3. Any activities that undertaken on rural land shall be implemented in accordance with the land use planning which has been prepared based on conducted study.
4. The data compiled by the bureau on rural land use planning shall be available for users.
5. To impliment any development activities incopiliance with the land use plan, follow up and control works shall be undertaken.

20. Conservation of Arable Land

1. Arable Rural land shall not be set on fire with out permission. Its execution shall be issued by directives.
2. Any person who has the rural land use right shall be prohibited to plow his land in a way that resulted in erosion of soil.

isaa akkaataa dhiqama biyyeetiif saaxilamuun qotuun dhorkaadha.

3. Namni lafa qonnaaf fayyadamu xaa'ummaa lafa qotamuu eeguu fi hojjiwwan biyyoo gabbisan hojjachuuf dirqama qaba.

4. Namni kamiyyuu summii dhorkamaa ta'e qabiyyee lafa isaa irratti fayyadamuun lubbu qabeeyyii (biodiversity) balaaf saaxiluun dhorkaa dha.

5. Namni kamiyyuu mirga ittiifayyadama lafa jallisii qabu ijaarsa jallisii eeguu, kunuunsuu fi suphuuf dirqama qaba.

21. Lafa Dheedichaa fi Bishaanii Kunuunsuu

1. Lafa dheedichaaf oolu irratti hojjiwwan laficha bowwummaa fi kan kana fakkaatuuf saaxilan raawwachuun dhoorkaadha.

2. Lafa dheedichaaf oolu humnaaolfayyadamuudhaan laficha dhiqama biyyoof saaxiluun margi akka deebi'ee hin biqille taasisuun dhoorkaadha.

3. Namni naannoo madda bishaanii, laggeen, haroowwan babalddhaa namaan hojjataman, caffee fi kan kana fakkaatan qabiyyee lafa baadiyaa qabu meetra digidamii shan(25) akkasumas kan naannoo bishaan itti kuufamee fi haroowwan uumamaa yoo ta'e daangaa isaa irraafageenya meetira dhibbaa gadii (100) irratti lafa qonnaaf fayyadamuun dhoorkaadha.

4. Keewwata kana keewwata xiqqaa (3) jalatti kan tumame akkuma eeggametti ta'ee; qaama dhimmi

3) የእርሻ መሬትን የሚጠቀም ሰው የመሬት ለምነት መጠበቅና አፈሩን የሚያዳበሩ ተግባራትን የማከናወን ግዴታ አለበት፤

4) ማንኛውም ሰው የተከለከለ መርዛማ ነገሮችን በመሬት ይዞታው ላይ በመጠቀም ብዝህ ሕይወትን ለአደጋ ማጋለጥ የተከለከለ ነው፤

5) ማንኛውም የመስኖ መሬት የመጠቀም መብት ያለው ሰው የመስኖ ግንባታዎችን የመጠበቅ፣ የመንከባከብና የመጠገን ግዴታ አለበት፡፡

21. የግጦሽና የውሀ መሬትን መንከባከብ

1. የግጦሽ መሬትን ለአፈር መሸርሸርና ለመሳሰሉት አደጋ የሚያጋልጡ ተግባራትን መፈጸም የተከለከለ ነው፤

2. የግጦሽ መሬትን ከአቅም በላይ በመጠቀም ለአፈር መሸርሸር በማጋለጥ ሣር ተመልሶ እንዳይበቅል ማድረግ የተከለከለ ነው፤

3. በምንጭ ውኃ፣ በወንዝ፣ በሰው ሠራሽ ሰፋፊ የውኃ ኩራዎች፣ በረግረጋማ መሬቶች እና በመሳሰሉት አካባቢዎች ይዞታ ያለው ሰው መሬቱን ለማረስ ሃያ አምስት /25/ ሜትር እንዲሁም በውሃ ግድብ፣ በተፈጥሮ ሀይቆችና ኩራዎች አካባቢ ውሀው ከሚሸፍነው ወሰን አንድ መቶ/100/ ሜትር ርቀት ውስጥ መሬት ለእርሻ መጠቀም ክልክል ነው፤

4. በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 3 የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ በባለይዞታ እንደአስፈላጊነቱ ጉዳዩ በሚመለከተው አካል ሲፈቀድ ደን ወይም ሣር በማልማት መጠቀም ይቻላል፤

3. Any person who uses land for farming shall be obliged to keep the fertility of the soil and do its improvement activities.

4. Any person shall be prohibited to use forbidden poisonous things on his land holding that harm the biodiversities.

5. Any person who has the right to use irrigation land shall be obliged to protect, takes care and maintain the irrigation scheme's constructions.

21. Takes Care of Grazing Land and Water Points

1. Land used for grazing shall not be used for activities that may cause land slides and other damages.

2. Causing soil erosion that result in devastation of grasses due to over grazing is prohibited.

3. Any land user whose holding is adjacent to water points, rivers, broad manmade ponds, marshy lands and etc in distance of (25) meters and similarly in (100) meters from the borders of accumulated water and natural lake shall be prohibited to use land for farming.

